QAACCESSA HARIIROO BIQILOONNI SIRNA AYYAANTUU WAJJIN QABAN: HAALA OROMOO SHAWAA LIXAA AANAA DIRREE INCINNII

ALAMNASH GEETAACHOO DHEERESSAA

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE

QAACCESSA HARIIROO BIQILOONNI SIRNA AYYAANTUU WAJJIN QABAN: HAALA OROMOO SHAWAA LIXAA AANAA DIRREE INCINNII

ALAMNASH GEETAACHOO DHEERESSAA

GORSAA: DASTAA DASSAALANY (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA
KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI
QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI
FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE

Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiiuun guuttachuuf Alamnash Geetaachoo Dheeressaa mata duree: "*Qaaccessa Hariiroo Biqiloonni Sirna Ayyaantuu Waliin Qaban kan Oromoota Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinnii"* sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaataa:

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____Guyyaa_____

Qoraa Keessaa_____ Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa _____ Mallattoo_____Guyyaa_____

Itti gaafatamaa muummee ykn qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa(MA)

Axareera

Qorannoon kun Hariiroo Biqiloonni Sirna Ayyaantuu Waliin qaban irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, bakki itti geggeeffame Godiina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinniiti. Qorannoo kanaas akka geggeeffamuuf waantonni kakaasan biqiloonni raawwii sirna kamiiyyuu keessaa hafuu hindandeenye keessaa kan sirna ayyaantuu kan hanga qorattuun kun sakattaatee ilaaltetti qorannoo bal'aa irratti geggeefame waan hinarganneef, yoo qoratame beekumsi qorannoo kanarraa argamu dhalootaaf dabarsuufi namoota hariiroo biqilootaafi sirna ayyaantuu hinbeekneef akka beekaniif bu'ura ta'a jedhamee yaadameeti.,Kaayyoo gooroon qorannichaa hariiroo biqiloonni sirna ayyaantuu waliin qaban xiinxaluudha.Kaayyoo kana galmaan ga'uuf mala qorannoo akkamtaatti fayadamuun mala iddattoo kaayyeffataafi darbaa dabarsaatti gargaaramuun odeeffannoon funaanameera. Malleen funaansa ragaa kan akka afgaaffii, mariigareefi daawwannaatti fayyadamuun odeeffannoon argameera. Ragaalee argaman kanas mala qaaccessa ragaa akkamtaatti fayyadamuun qaaceffameera. Haaluma kanaan biqiloota sirna ayyaatuu keessatti dhimma itti bahaman kamfaa akka ta'an, maaliif akka tajaajilan, amalaafi hariiroo isaan sirna ayyaantuu waliin qaban walduraa duubaan xiinxalamee ka'ameera. Argannoon xiinxala kanaan argames gosoonni biqiloota sirnicha keessatti dhimma itti bahaman: hindhee,birbirsa,anfaara,alaltuu, ejersa, kalaalaa, sariitii, abbayyii, baballiifi saardoo ta'uu,isaan kana keessaa birbirsi utubaa galma ayyaana kan ittiin dhaabuufi baala isaa balbala galma ayyaanaa irratti suuquuf, hindhee, anfaara,alaltuu, saardoofi sariitiin kan ittiin irreeffatamu ta'uu, ejersi kan jalatti irreeffatamu ta'uu, abbayyiin qorichummaaf, baballiin miidhaginaaf, akkasumas kalaalaan mallattummaaf yookiin adda baafachuuf kan oolu ta'uun bira ga'ameera Alaltuutiin irra jireessa kan irreeffatu dubartoota ta'uu yookiin alaltuun irreessa dubartootaa ta'uun bira ga'ameera.Biqiloonni kunniin amala dhuunfaa isaanii haaqabatan malee biqiloota biro irraa adda ta'uun isaanii tarreeffamrrra.Argannoon qorannoo kanaan argamerratti hundaa'uun kallattiin gara fuula duraatti kaa'ame biqiloota kanaaf kunuunsi akka taasifamu,galmi ayyaanaa "Warra Gooftaa Waloo" bakka hawwata tuurizimii taasisuufi 'Ejersi Waloo' kan jalatti irreeffatamu seenaa jalatti irreeffatamuu waan qabuuf qorannoo osoo irratti geggeeffamee gaariidha.

Galata

Jalqaba hanga xumuraatti nuffii tokko malee yaadaafi miira guutuudhaan barreeffama koo sacca'anii dubbisuun yaada ijaarsaa naa kennuun yookaan kallattii ani qabadhee deemuu qabu natti agarsiisuun hanga yoonatti nawaliin turanii waraqaan qorannoo koo kun milkaa'ina akka argatuuf gargaarsa guddaa kan naf godhan Dr. Dastaa Dassaalany galanni koo guddaadha.

.Itti dabaluun haala naaf mijeessuun najajjabeessuun milkaa'ina qorannoo kanaaf kan naawajjin dhama'aa ture abbaa manaa koo Girmaa Itichaaf galata guddaan qaba.

Mucaa koo Jabeessaa Girmaa naa waliin baadiyyaa keessa dhama'uun ogummaa suuraan kan nadeggeraa tureef galanni koo guddaadha

.Rakkoo tokko malee akkan ittiin barreeffadhuuf meeshaan ittiin barreeffadhu kan naaf bitte obboleettii koo Obsee Geetaachoo nan galateeffadha.

Karaa biraan galma ga'insa qorannoo kanaaf kan nabira dhaabbachaa turan obboleettikoo Waaqtolee Geetaachhoo akkasumas hiriyoottan koo hundaa galatan isaaniif qaba

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Axareera i

Galata ii

Baafata Suuraa vi

Boqqonnaa Tokko: Seensa 1

1.1. Seenduubee 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa 3

1.3 Gaaffilee Bu'uraa 4

1.4 Kaayyoo Qorannichaa 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa 5

1.4.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa 5

1.6 Daangaa Qorannichaa 6

1.7. Hanqinoolee Qorannichaa 6

1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa 6

1.8.1. Haala Waliigala Aanaa Dirree Incinnii 6

1.8.2. Bineensota Fi Beeyladoota 8

1.8.3. Bu'uuraalee Misoomaa 8

1.8.4. Bakkeewwan Hawwata Tuurizimii Aanichaafi Bakka Argama Isaanii 9

1.8.5. Bakkeewwan Ardaa Jilaa AanaaAanaa Dirree Incinniifi Bakka Argama Isaanii 11

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu 14

2.1. Fookloorii 14

2.1.1. Duudhaa Hawaasaa 15

2.1.2. Sirna Fuudhaafi Heerumaa 16

2.1.3. Sirna Ayyaana Masqalaa 17

2.1.4. Sirna Ayyaana Irreechaa 18

2.1.5. Sirna Waaqeffannaa 18

2.1.6. Sirna Ayyaaneffannaa 19

2.1.6.1. Akaakuu Ayyaaneffannaa 21

2.1.7. Sirna Ayyantuu 22
2.1.8. Hariiroo Biqilootaafi Sirnootaa 23
2.2. Yaaxxina Qorannichaa 25
2.2.1. Yaaxxina Haalaa 25
2.2.2. Yaaxxina Tajaajilaa 25
2.3. Qorannoolee Walfakkii 26
Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa 28
3.1. Saxaaxa Qorannichaa 28
3.2. Madda Odeeffannoo 28
3.3. Mala Iddattoo 28
3.4. Malleen Funaansa Ragaa 29
3.4.1. Af-Gaaffii 29
3.4.2. Marii Garee 30
3.4.3 Daawwannaa 30
3.5. Tooftaa Qaacceessa Ragaalee Qorannichaa 31
Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi Xiinxala Ragaalee 32
4.1. Faayidaa Biqiloonni Sirna Ayyaantuu Keessatti Qaban 32
4.2. Gosootaa Biqiloota Sirna Ayyaantuu Keessatti Fayyadan 33
4.3. Faayidaa Hindheen Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu 33
4.3.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Hindhee 34
4.3.2. Hariiroo Biqiltuun Hindhee Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu 35
4.4. Faayidaa Birbirsaa Sirna Ayyaantuu Keessatti 36
4.4.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Birbirsaa 37
4.4.2. Hariiroo Muki Birbirsaa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu 38
4.5. Faayidaa Biqiltuun Alaltuu Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu 38
4.5.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Alaltuu 39
4.5.2. Hariiroo Biqiltuun Alaltuu Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu 39
4.6. Faayidaa Biqiltuun Ejersaa Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu 41
4.6.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Ejersaa 43
4.6.2. Hariiroo Biqiltuun Ejersaa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu 43

4.7. Faayidaa Biqiltuun Anfaaraa Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu 44
4.7.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Anfaaraa 44
4.7.2. Hariiroo Biqiltuun Anfaaraa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu 46
4.8. Faayidaa Biqiluun Sariitii Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu 47
4.8.1. Amalaafi Uumama Bqiltuu Sariitii 49
4.9. Faayidaa Biqiltuun Abbayyii sirna Ayyaantuu keessatti Qabu 50
4.9.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Abbayyii 51
4.9.2. Hariiroo Biqiltuun Abbayyii Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu 51
4.10. Faadaa Biqiltuun Kalaalaa Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu 51
4.10.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu kalaalaa 52
4.10.2. Hariiroo Biqiltuun Kalaalaa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu 53
4.11. Faayidaa Baballiin Sirna Ayyaantuu keessatti qabu 54
4.11.1. Amalaafi Uumama Baballii 55
4.12. Faayidaa Saardoon Sina Ayyaantuu Keessatti Qabu 55
4.12.1. Amalaafi Uumama Saardoo 56
4.12.2. Hariiroo Saardoon Sirna Ayyaanaa Waliin Qabu 56
Boqonnaa Shan: Gudunfaa, Argannoofi Yaboo 57
5.1. Gudunfaa 57
5.2. Argannoo 57
5.3. Yaboo 58
Wabiilee 59
Dabalee A 61
Dabalee B 62
Dabalee C 63
Dabalee D 64
Dabalee E 64
Dabalee F 65

Baafata Suuraa

Suura 1 Bosona Dabballee 9
Suuraa 2 Bishaan ho'aa Carrifattuu 9
Suuraa 3 Laaftoo Saam'aloo 11
Suuraa 4 Laaftoo Faachaa 11
Suuraa 5. Biqiltuu hindhee 36
Suuraa 6. Birbirsa 37
Suuraa 7. Ejersa 42
Suuraa 8 Hanfaaraa 45
Suuraa 9 Biqiltuu Sariitii 49
Suuraa 10 Abbayyii 50
Suuraa 11 Biqiltuu kalaalaa 53
Suuraa 12 Biqiltuu baballii 54

Boqqonnaa Tokko: Seensa

Boqonnaa kana jalatti kanneen dhiyaatan dhimmoota mata dureen walqabataniidha. Kunis seenduubee keessatti haala duudhaa Oromoo duriifi ammaa maal akka fakkaatu kan qabatu yoo ta'u ka'umsi qorannichaa, kaayyoon, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannoofi ibsi naannoo walduraa duubaan dhiyaatu.

1.1. Seenduubee

Uummanni Oromoo saba guddaa yookiin saba bal'aa Oromiyaa, Itoophiyaa, Gaafa Afrikaafi darbees biyyoota adda addaa keessatti kan ittiin beekamu aadaa, seenaa, duudhaafi safuu mataa isaa qaba. Haalli kunniin mallattoo saboota biroo irraa adda isa taasisuudha.Yaada kanarratti Dirribiin (2009:14) yoo ibsu, "Oromoon ummata guddaa lafa bal'aarra qubatee, qabeenya uumamaafi aadaa guddaa qabu" jedha.Yaada kanarratti dabalee Misgaanuun (2011:1) akkas jechuun ibsa:

> *Oromoon saba guddaa aadaa fi seenaa bal'aa qabuudha. Aadaan eenyummaa fi mallattoo saba tokkoo agarsiisa. Sabni tokko saboota biroorraa kan inni ittiin adda bahu: Aadaa, seenaa, oodaafi Safuu ittiin beekamu qabachuu isaati. Namni tokko qomoon koo kana jechuu qofaan eenyummaa isaa hin mirkaneessu. Gumaacha inni aadaa sabichaa keessatti qabutu dhugoomuu qaba. Aadaan calaqqee jiruu fi jireenya saba tokkoo fi Eenyummaan saba tokkoo kan mirkanaa'u akkaataa sirna jireenya dhala namaafi mirgi dhala namaa ittiin kabaajamu, akkasumas akkaataa dhalli namaa jireenya isaa keessatti bulchiinsa isaa, muuxannoo isaafi amantii isaa ittiin calaqqisifatu aadaa isaatiin* .

Yaada olitti ibsame kanarraa wanti hubatamu, Oromoon saba guddaa aadaa, duudhaa, sirnaafi hooda mataa isaa qabachuu isaatiifi aadaa kanaan jiruufi jireenya isaa amantii isaa, bulchiinsa isaa, muuxannoo isaatiifi kan kana fakkaatu ittiin ibsatu akkasumas saba biroo irraa addaa bahee kan ittiin of mul'isu ta'uu isaati.Dabalees aadaa calaqqee jiruufi jireenyaa ta'e kanaan sirna jireenya hala namaafi mirgi isaa kan ittiin eegamu ta'uu hubachiisa.Namni tokko ani qomoon koo kana jedhee afaaniin isa himatu caalaa duudhaasaan,aadaasaan kan +inni calaqqisiisutu irra caalaati eenyummaa isaa mirkaneessa.

Dabalataanis Hayiluun (1997:4) yoo ibsu “Sabni tokko saboota kanneen biroo irraa kan inni ittiin adda bahu daangaa yookiin biyya keessa jiraatu qabaachuu, seenaa, oodaa, safuu ittiin beekamu qofaatti qabaachuu isaati” jedha.

Akka yaada olii kanarraa hubatamutti sabni tokko kan saboota biroo irraa adda taasisu biyya qabaachuu qofaan osoo hin taane, dabalataan seenaa, ooda,safuu,duudhaa ittiin beekamu qabaachuutu irra jira.Haallan kun immoo bakka tokkotti walitti dhufuun eenyummaa isa jedhu mirkaneessu.

Uummanni Oromoo aadaa isaa calaqqisiifachuu keessatti kana jechuun: duudhaa qabu, yookiin sirna geggeeffatu keessatti biqilootattii ni gargaarama. Asmarom (1973:20) akkas jedha. “The important activities that go on in the masculine out doors are ritual (Jila) and meetings (cora). The meetings are usually held under a large tree in the vicinity of the camp" jedha.Kana jechuun gochaalee alatti raawwatamu keessaa tokko jila warri jila gaggeessan yeroo walgahan kora jedhama. Iddoon korri kun itti geggeeffamu muka guddaa jalatti.

Yaada kanarraa wanti hubatamu muka yookiin biqiltuu jalatti walgahuun kun biqilaan hammam kabaja akka qabuufi hiika mataa isaa akka qabutu hubatama.Kunis uummanni Oromoo jila geggeeffatu keessatti bakki inni itti walga’u muka guddaa jalatti ta’uufi bakkichi kabaja kan qabu ta’uu ddubbata.

Sabni Oromoo saboota addunyaa kanarra jiran keessaa aadaa dureessa warra qaban keessaa isa tokkoodha.Haata’u malee yeroo addaa addaa dhiibbaa garaagaraa irratti waljijjiiraa dhufuun niyaadatama.Dhiibbaalee kanneen keessaa tokko dhiibbaa amantii kiristaanaati. Toleeraafi Hundeessaa (1995:57) akka ibsanitti, “Amantiin kiristaanaa erga jaarraa 4ffaa biyya abashaa seenee amantii warra mootii ta’ee mootonni habashaa ofiifis fudhatanii saboota kaanis fudhachiisaa turaniiru.Imaamanni kunis mootii tokkorraa gara mootii tokkootti darbaa tureera”. Akka yaada kanaatti,mootonni habashaa amantii kiristaanaa erga fudhatanii booda bara dhufaa darbaa saboota biro fudhchiisaa kan turan ta’uu nama hubachiisa.

Haaluma kanaan amantiin Ortodksii sirna mootummoota darbaniin walqabatee uummata Oromoo irratti fe’amaa kan ture ta’uun beekamaadha.Amantiin kun amantii duudhaa Oromoo,aadaafi seenaa isaa akka hacuucamuufi badu gochuu qofa osoo hin taane haala hojiifi guddina dinagdee naannoo sanaa irrattiis miidhaa guddaa fideera.(maddi, maangudoota.)

Amantiin Isilaamaas gama isaatin amantii duudhaa Oromoo irratti daran dhiibbaa geessisaa turuun hin dagatamu. Toleeraafi Hundeessaa (1995:57) irratti akka ibsanitti,Amantiin Isilaamaa erga jaarraa 10^{ffaa} fi 12^{ffaa} karaa qarqara Galana Diimaatiin Itoophiyaa seenuun baballachaa dhufeera.Amantiin kun akkuma biyyoota afrikaa hundaa Itoophiyaa keessatti kan babal'ate sababaa daldalaafi meeshaa biyya alaatii galchuu waliin walqabatee ta'uu barreessitoonni kunneen ibsaniiru..

Haalonni addaa addaa yeroo garaa garatti dhibbaan duudhaa Oromoo irratti taasifamaa ture kun hawaasi Oromoo akka aadaa isaa tuffatee kan ormaa faana akka gulufu taasisaa tureera. Sababoonni kunniin sirna Ayyaantuu yookiin Qaalluu amantii biroon dhiibamuun gara dagatamuutti deemaa waan jiruuf qorannoon Hariiroo Biqiloonni Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu qorachuuf qorattuun kun irratti xiyyeeffaatteetti.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Mata duree Hariiroo Biqiloonni Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu jedhurratti.Qorannoo geggeessuuf waantonni qorattuu kakaasan nijiru. Kunis akkuma beekamu uummanni Oromoo durii jalqabee sirnoota garaagaaraa yammuu geggeeffatu keessatti biqilootatti dhimma itti ba'u. Haata'u malee qorattuun kun hanga sakattaate ilaaltetti qorannoo bal'aa hariiroo biqilootaafi sirnootaa wajjin taasifame hinargine.

Kanaaf,biqiloonni raawwii sirnootaa keessatti keessaa hafuu hindandeenye kun osoo sirnicha waliin wal qabsiisuun qoratamee maaliif akka itti fayyadaman beekuun ni danda'ma jedhameeti. Beekumsi qorannoo kana irraa argamus dhaloota irraa dhalootatti akka darbu taasisuuf kan oolu yoo ta'u, namootni hariiroo biqilootaafi sirnoota gidduu jiru kan hin beekne illee qorannoo kana bu'uura godhachuun akka hubannoo argatan taasisa. Biqiloota kanneen muruufi mancaasuun safuu akka ta'e ni hubachiisa jedhamee yaadama.

Gama biraatiin dhimma aadaa mul'isuu yookiin kan hin beekne beeksisuu ilaalchisee Aadam (2008:1) yoo ibsu,

> *Akkuma uummataa biraa, uummanni Oromootis aadaa boonsaa akka qabu ni beekama. Aadaa boonsaa kana addunyaa irratti beeksisuuf tattaaffiin addaa addaa godhamaa ture.Haata'u malee,aadaa addaa addaa filanii gadi fageenyaan hojjechuufi dhaloota*

amma jjiruufi kan of dura dhufuuf aadaa isaa beekee akka itti fayyadamu gochuu irratti waa hedduutu hafa.

Kunis kan nu hubachiisu aadaa boonsaa qabna jennu kana gadi fageenyaan irratti hojjechuufi ifa bahee addunyaa irratti akka beekamu gochuun kan nurraa eegamu ta'uu addeessa.Kunis kan ta'uu qabu falaasama uummata ofii beekuufis ta'e beeksisuuf qoratamuufi irratti hojjetamee dhalootaafis ta'e addunyaa beeksisuuf qorachuun murteessaadha.

Itti dabalees biqiloonni safuu waan qabaniif akka malee mancaasuun akka hin barbaachifne Dirribiin(2009:22;67) akkas jechuun ibsa:

> *Waaqeffannaan ganamaa akkaataa ittiin uumaa fi uumama ilaalu, ilaalchiifi safuu qabu ture. Bakki itti waaqeffatu Ardaa-jila: tulluu, malkaa, burqaa, haaraa fi haroo diriirtuu qaba ture. Bakki itti walgahu gaaddis galma Odaa, Birbirsa, Harbuu fi Somboo qabu ture. Biqiltuun qonanii dha.Osoo gogaan jiruu jiidhaan hin muramu.Osoo jallaan jiruu sororoon yookiin solooloon hin muramu safuudha*

Yaada kanarraa wanti hubatamu biqiloonni kabaja qabachuu isaaniitiif ergaa mataa isaanii qabachuu isaaniiti. Odaan, Somboon, Harbuufi Birbirsi gaaddisa ta'uu isaaniifi osoo biqiltuu gogaan jiruu jiidhaa muruu dhiisuun, akkasumas osoo jallaan jiruu qajeelaa yookiin sorooroo muruu dhiisuun biqiloonni ayyaneffannaa Oromoo keessatti ergaafi kabaja olaanaa qabaachuu agarsiisa.

Qorannoon kun immoo hariiroo biqiloonni sirnaa Ayyaantuu wajjin qaban qorachuuf, ergaa isaa beekuuf, yookiin beekumsa isa irraa argamu ifa baasuuf kan taasifame yoo ta'u gaaffiilee bu'uuraa armaan gadi kan deebisuu ta'a.

1.3 Gaaffilee Bu'uraa

1. Biqiltoonni sirna Ayyaantuu keessatti tajaajila akkamii kennu?
2. Gosoonni biqiltuu sirna ayyaantuu keessatti tajaajilan isaan kamfa'i?
3. Biqiloonni kunniin sirnicha waliin hariiroo akkamii qabu?
4. Amalli biqiloota sirrnicha keessatti tajaajilanii maal fakkaata?

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Adeemsi qorannoo kanaa kaayyoo tokko galmaan ga'uuf kan geggeeffamuudha. Kunis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree of keessaa qabaata.

1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa hariiroo biqiloonni sirna Ayyaantuu wajjin qaban qaaccessuudha.

1.4.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa:

- Faayida biqiloonni sirna Ayyaantuu keessatti qaban qaaccessuu;
- Gosoota biqiltuu sirna Ayyaantuu keessatti fayyadan isaan kam akka ta'e tokko tokkoon xiinxaluu;
- Biqiloonni kunniin hariiroo akkami sirna Ayyaantuu waliin qaban qaaccessuu;
- Amalaafi uumama biqiloonni kunniin qabaniin wal qabatee sababa sirnaa Ayyaantuuf filatameef qaaccessuudha. .

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon yammuu geggeeffamu barbaachisummaa isaa itti amanameetu geggeeffama .Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Namoonni waa'ee biqiloota sirnaa duudhaa Oromootiin wal qabatanii beekumsa dabarsan hin beekne, qorannoo kana bu'uura godhatanii beekumsa akka argataniif daandii ni agarsiisa.
- Beekumsi qorannoo kanarraa argamu bifa barreeffamaan yoo taa'e dhaloota dhufuuf daandii agarsiisa.
- Namootni gosoota biqiltuu sirna ayyaantuu keessatti dhimma itti bahaman isaan kam akka ta'an beekuu barbaadan bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'uun beekuu danda'u.
- Namoota mata duree kana irratti daran fooyyessanii qorannoo geggeessuu barbaadaniif bu'uura ni ta'a.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Biqiloonni sirnaafi duudhaa Oromootiin wal qabatan naannoo Oromiyaa hunda keessatti ni mul'ata .Oromiyaan Godiinaalee hedduu of keessaa qabdi. Godiinaalee Oromiyaan qabdu keessaa Godiinni Shaawaa Lixaa isa tokkoodha. Godiinni Shawaa Lixaas Aaanalee heddu qabdu keessaa Aanaa Dirree Incinnii ishee tokko. Qorattuun kunis hanqinoota kanneen akka yeroo, bajataafi humna namaa irraa kan ka'e Godiina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinnii irratti qorannoo kana geggeessuuf daangeffatteetti.

Sirnoonni duudhaa Oromoon walqabatan hedduudha.Sirnoota hundaa wal faana geggeessuun waan ulfaatuuf qorattuun kun kan ishiin irratti xiyyeeffatte yookiin daangeffatte sirnoota aanicha keessatti geggeeffaman keessaaa kan sirna ayyaantuu ta'a.Sirna ayyaantuu aanicha kessatti argaman keessaa kan Ganda Arfijoo Dagaatti argamu ayyaantuu "Warra Gooftaa Waloo" yoo ta'u biqiloota yeroo ayyaaneffaa isaan itti dhimma bahan irratti qorannoon kun kan adeemsifame ta'a.

1.7. Hanqinoolee Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu bu'aa ba'ii hedduu keessa darbeetu bakka yaadame gaha.Qorattuun qorannoo kana yeroo geggeesitutti rakkoolee hedduun mudatanillee akkaataa dandaa'ameen rakkichaaf furmaata kennaa deemameera, Rakkooleen adeemsa hojichaa keessatti mudate tokkko hanqina yerooti Kunis qorattuun kun hojii idilee geggeessaa yookiin osoo wayitiin barnootaa itti ulfaatuu hojii idileefi hojii qorannoo kanaa sa'atii qooduufiin walsimsiisuun akka hojiin qorannoo kanaa milkaa'uu ta'ee jira.Rakkoo inni biroon namoonni iddattoof filataman akkaataa jedhametti argachuu dhabuudha.Rakkoo kanas nuffii tokko malee itti deddeebi'un yeroofi bakka isaan argamanitti deemuun odeeffannoo barbaachisaan akka argamu taasifameera.

1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa

1.8.1. Haala Waliigala Aanaa Dirree Incinnii

Aanaan Dirree Incinnii gandoolee baadiyyaa diddamaafi Bulchinsa Magaalaa tokko walitti gandoota diddamii tokko kan qabdu taatee aanolee godiina Shawaa Lixaa keessatti argaman keessaa ishee tokkoodhaAanaan kun karaa baha Aanaa Tokkee Kuttayee, karaa Lixaa Aanaa

Jibaat, karaa Kaabaa Aanaa Tokkee Kutayyeefi karaa Kibbaa Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Ammayyatiin daangeffamtee argamti. Aanaan Dirree Incinnii teessoo mootummaa Naannoo Oromiyaa Finfinnee irraa km 154, Teessoo Bulchiinsa Godiina Shawaa Lixaa kan taate Amboo irra daandii gara Wallaggaa geessu Gudariirraa gara Kibba Lixaatti km 40 fagaattee argamti. Bal'innii laafa aanaa kana 152.628 km2 akka ta'e ragaan ibsa. (Maddi ragaa Waajjira Lafa Baadiyyaafi Eegumsa Naannoo Aanaa Dirree Incinnii barreeffamaan taa'ee jiru irraa)

Aanaan Dirree Incinnii teessuma lafa addaa addaa qabdi.Kanneen keessaa lafa badhee/diriiraa/, tulluuwwan fi allayyaa yookaan irraan gadee of kessaa qabdi.Irra caalaan lafa aanaa kanaa diriiraa dha.

Aanaan Dirree Incinnii haala qilleensaa jireenya ilmaan namaafi bineensotaaf mijataa ta'e qabdi.Kanas kan taasise bosona uumamaan badhaate qabaachuu isheeti. Haaluma kanaan haala qilleensa aanaa kanaa yoo ilaallu; dhibbeentaan 90 (90%) Baddaa yoo ya'u kan hafe dhibbeentaan 10 (10%) Badda dareedha. (Maddi Waajjira Qonnaa Aanaa Dirree Incinnii raga barreeffamee jiru irraa)

Aanaan kun qabeenya uumamaa gosoota addaa addaatiin badhaatudha.Kanaafis sababni haala qilleensa isheefi rooba yeroo yeroon argachuu isheeti. Qabeenya uumamaa aanaan kun qabdus kanneen armaan gadiiti.

Aanaan Dirree Incinnii lageen bonaa fi ganna yaa'an hedduufi aanitti qaxxaamuranii darban heddu qabdi.Laggeen kanneen keessaa Baldhoo,Jaarraa, Hanee, Hindhee, Iyyaasuu, Doonjoofi kanneen kana fakkaatan isaan gurguddoo dha.

Biyyeen gosa addaa addaa aanicha keessatti argamu. innis oomisha qonnaafi faayidaalee biroof ooluu kan danda'aniidha. Biyyeen aanaa kana keessatti argamani: biyyee suphee kan meeshaalee manaa addaa addaa irraa hojjachuuf tajaajilu, biyyee diimaa oomisha midhaanii fi ijaarsa manaatiif kan oolu, biyyee boora miidhagina manaa yookaan mana dibuuf kan ooluu, cirracha laggeen keessatti muldhatu maqaa dhayuun ni danda'ama.

Dacheen aanaa kanaa harki hedduun bosonaan kan aguugamee dha. Bosona bebbeekamoo aanaa kanaa keessaa muraasni isaanii bosona Roggee Qarsaa, Bosona Dabballee, Bosona Doshee, Bosona Gafaree, Bosona Roggee Hilloo Bosona Faaxoo fi k.k.f dha. Biqiltuuwwan muka biyya

keessaa gosoota addaa addaa kan akka gaattiraa baddaa, birbirsa, eebicha, ejersa, laaftoo, shimala /leemmana/, abbayyii, heexoo, hoomii, qamaxxee, fi kkf. baay'inaan keessatti argamu.

1.8.2. Bineensota Fi Beeyladoota

Aanaa kana keessatti bineensonni bosonaa, bineensonni manaa fi simbirroonni heddu ni argamu. kanneen keessaas; bineesota bosonaa kanneen akka bosonuu, waraabessa, kuruphee, awwaal-diigessa, sooyyambiifa, qamalee, jaldeessa, weennii, booyyee, jeedala/ sardiidaa fi k.k.f kaasuun ni danda'ama.Simbirrootaa akaakuu addaa addaa kanneen akka:quubsaa ,risaa, gugee/bullallaa, quuroo, "aa'ee /haadha galatee, culullee, joobira/ruumicha, simbirroowwan xixiqqoofi kanneen biroon ni argamu.Beeyladoota manaa kanneen akka :horii gaafaa , re'ee, hoolaa,horii fe'iisaa /kotte duudaa/ kanneen akka farda, gaangee. Harreelukkuu fi kanneen biroo hedduumminaan kan of keessatti hammatte qabduu dha.(Madda raga barreeffamaa Waajjira Qonnaafi Misooma Baadiyyaa Aanaa Dirree Incinnii jiru irra)

1.8.3. Bu'uuraalee Misoomaa

Jiruu fi jireenyi ummataa Aanaa Dirree Incinnii harkii baay'een hojii qonnaa, harki xiqqan hojii daldala fi hojii mootummaa irratti bobba'ee argama.Aanaan Dirree Incinnii:

Dhaabbata leenjii teekinikaa fi ogummaa tokko,mana barumsaa sadarkaa.2ffaa lama,mana barumsa qopha'inaa tokko, mana barumsa 1-8 digdamii sagal, mana barumsa 1-6 shan,kilinikaa namaa saddet, buufata fayyaa namaa afur,kellaa fayyaa namaa kudha-sagaliifi wiirtuu leenjii qonnaan bulaa kudha- sagal qabdi.

Aanaan dirree incinnii tajaajila ibsaa humna hydro elektriikii sa'aatii digdamii-afur tajaajilu kan magaala guddoo aanaa fi gandoota baadiyyaa 15 tajaajilu qabdi, akkasumas tajaajila bilbila dijiitaalaa fi mobayilii ni qabdi .baay'inni uummata Aanaa Dirree Incinnii, akkaataa lakkoofsa manaafi uummataa bara 1999 taasifameen,Kan baadiyyaa: dhi.33,362 dhala 33,902 walitti 67, 264Kan magaala: dhi 2,197 dhalaa 2,160 walitti 4,357Waliigalattii: dhi.40,559 dhalaa 38,062 walittii 78,621.

1.8.4. Bakkeewwan Hawwata Tuurizimii Aanichaafi Bakka Argama Isaanii



Suura 1 Bosona Dabballee (gaafa 12/ 06/2011 kan kaafame**)**

Bosona Dabballee: Bosonnii Dabballee bakkeewwan hawwataa tuurizimii aanaa dirree incinnii keessaa tokko.Ganda Buyyamaa Dabballee keessatti argama. Faayidaan isa sinbirroota, bineensota bosonaa adda addaa ofkeessatti qabaaachuu, qilleensa qulqula'aa kennuu fi daawwanaaf kan ooluudha. Fageenya Magalaa Incinnii irraa km.7 fageenya daandii konkolaataa irraa km.7 fageenyaa Magaalaa Amboo irraa km 47 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 159 fagaate argam



Suuraa 2 Bishaan ho'aa Carrifattuu (gaafa 12/ 06/ 2011 kan kaafame)

Bishaan Ho'aa /Xabala/ Caarriiffaattuu: bishaan ho'aa/xabala/ carriiffaattuun, bakkeewwan hawwataa tuurizimii Aanaa Dirree Incinnii keessaa tokko dha. Ganda Arfinjoo Dagaa keessaatti argama.Fageenya Magalaa Incinniiirra km. 5.5 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 14 fageenyaa Magaalaa Amboo irraa km 45 fageenyaa Magaalaa Finfinneeirraa km 156 fagaate argama. Faayidaan isa 1ffaa abbootiin paartileen gadaa shanaan marsaa marsaan yommuu buuttaa qalaan /erga ginnaa ciisaanii/ bishaan xabala kanatti qaama isaanii itti dhiqaachuun qulqulla'aanii achii kan ba'aniidha. 2ffaa namoonni dhibee adda addaa qaban bishaan ho'aa /xabala/ itti qaama isaanii dhiqachuun qorichummaaf ykn daawwadhaaf ni oolu.

Fincaa'aa Carriifattuu: fincaa'aan carriifattuu bakkeewwan hawwataa tuurizimii aanaa Dirree Incinnii keessaa tokko dha. Ganda Waldoo Hindhee keessaatti argama. Faayidaan isa dawwanafi kan oolu dha. Fageenya Magalaa Incinnii irraa km. 6 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 3 fageenya Magaalaa Amboo irraa km 46 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 160 fagaate argama.

Fincaa'aa Shaboo: Finca'aan shaboo bakkeewwan hawwataa tuurizimii aanaa dirree incinnii keessaa tokko dha. ganda naannoo jidduu keessatti argama. faayidaan isa dawwannaf kan ooludha. Fageenya Magalaa Incinnii irraa km. 5 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 2 fageenya Magaalaa Amboo irraa km 45 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 157 fagaate argama.

Fincaa'aa harrii: Fincaa'aan Harrii, bakkeewwan hawwataa tuurizimii aanaa Dirree Incinnii keessaa tokkoodha. Ganda Qorroo Qarsaa keessatti argama. Faayidaan isa dawwanafi kan oolu dha. Fageenya Magaalaa Incinnii irraa km. 20 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 13 fageenyaa Magaalaa Amboo irraa km 45 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 159 fagaate argama.

Fincaa'aa Dammaqaa: Fincaa'aan Dammaqaa, bakkeewwan hawwataa tuurizimii Aanaa Dirree Incinnii keessaa tokkoodha Ganda Bolaa Dammaqaa keessaatti argama. faayidaan isa dawwanafi kan oolu dha. fageenya Magaalaa Incinnii irra km. 20 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 13 fageenyaa Magaalaa Amboo irraa km 45 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 159 fagaate argama.

1.8.5. Bakkeewwan Ardaa Jilaa AanaaAanaa Dirree Incinniifi Bakka Argama Isaanii



Suuraa 3 Laaftoo Saam'aloo (gaafa 21/ 06/ 2011 kan kaafame**)**

Laaftoo Saam'aloo: Laaftoon Saam'aloo bakkeewwan hawwataa tuurizimii Aanaa Dirree Incinnii keessaa tokko dha. Ganda Arfinjoo Dagaa keessatti argama. Faayidaan isa dawwana fi bakka yaa'ii abbootii Gadaafi akkasumas bakka araara gumaaf kan ooludha. Fageenya Magalaa Incinnii irraa km. 2 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 2 fageenya Magaalaa Amboo irraa km 42 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 154 fagaate argam



Suuraa 4 Laaftoo Faachaa (gaafa 21/ 06 2011 kan kaafame**)**

Laaftoo Faachaa :Bakkeewwan hawwataa tuurizimii Aanaa Dirree Incinnii keessaa tokko dha. Ganda Arfiinjoo Dagaa keessatti argama. Faayidaan isa partiileen gadaa shananiif yeroo aangoo walharkaa fudhiinsa abbootii gadaa akkaataa tumaan ittii tumaamu bakka leenjii fudhatan kan oolu dha. Fageenya Magalaa Incinnii irraa km. 20 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 13 fageenyaa Magaalaa Amboo irraa km 45 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 159 fagaate argama.

Laaftoon Lukee: bakkeewwan hawwataa tuurizimii Aanaa Dirree Incinnii keessaa tokko dha. ganda Arfiinjoo Dagaa keessatti argama. Fageenya Magalaa Incinnii irraa km. 20 fageenya daandii konkolaataa irraa km. 13 fageenyaa magaalaa Amboo irraa km 45 fageenyaa Magaalaa Finfinnee irraa km 159 fagaate argama.

Laaftoo Lukee kana jalatti sirnii raawwatamuu namoota akka seera ittiin bulmataa Abbaa Gadaa Aanaa Dirree Incinniitti namootni waan dhoksaa yookiin yakka garaagara kan akka ajjeecha, lubbuu namaa, hannaa, hojii mooraa fi kknf namnii shakkiin himatamee lukeen abbaa torbaa naaf kakachuu qaba jedhee, yoo namnii walhimatee, waraannii ciisee, wantoonni ittiin kakaan raawwatamu qophaa'ee, walii kakaatanii bakka ittii wal amanamanii wal bira galanii dha.

Akkasumaas bakka laaftoo lukee kanatti sirnii aangoo walharkaa fudhiinsa paartii abbootii gadaa baalliin yeroo itti raawwatamu, bakka kanatti.Bakeewwan ardaa jilaa ta'an kanneen biroonis isaan armaan gadiiti:

Fooqa Dullachaafi Kormaa (bakka afur/4/)……..…Waldoo Hindhee

Fooqa Diriirii……..…Hoomii Hanee

Bakka Dagaagaan itti qalamu…….....Arfinjoo Dagaa

Fooqa Dhankaakaa…….…….Arfinjoo Dagaa

Bakka marga itti suuqqatan…….……...Arfinjoo Dagaa

Irreenfata/Bakka Irreechaa/……. ……..Arfinjoo Dagaa

Tolcha Fardaa…….……....Naannoo Jidduu

Fooqa Kormaa…….……...Naannoo Jidduu

Aadaa Nyaataa Aanaa Keenyaa: caccabsaa, cuukkoo, marqaa, dhodhoobboo /qorii/, hollataa warqee irraa kan hojjatamu, qincee, daabboo, buna qalaa, akaawwii, maxinoo, mulluu/ shuummoo/, caabetaafi kan kana fakkaatuudha.Dhugaatiiwwan Aadaa bordee/farsoo Oromoo buqqurii, booka/daadhiifi farsoo fa'i.

Uffata Aadaa: wandaboo, bullukkoo, dalgee, kittaa, qoloo, gaabii, marxoo/marxifata/, kittaa, waaroofi kofoo fa'i.

Duudhaaleefi Sirnoota Adda Addaa:- araara waaqaa, guddifachaa, sirna gumaa, ateetee, sirna gadaa, milkii ilaallachuu yookaan dhahaa lakkawuu, sirna masqalaa,sirnsa Ayyaantuufi kan kana fakkaatan ofkeessaa qaba. Aadaa fuudhaa fi heerumaa: kaadhimmachuu, waliin deemmachuu, sabbat-marii, aseennaa fa'i.

Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu

Qorannoon tokko yammuu geggeeffamu ragaa hayyootaa,kitaabolee barreeffamaniifi ragaa afaaniin hayyootarraa argamaniin deggeramee dhiyaata.Qorannoon tokko yemmuu qoratamu yaada mata duree saniin kan waldeggeru yookiin kan walmormu ta’ee dhiyaachuu akka qabu Dastaan (2002:71) ibseera.

Dabalataan immoo faayidaa sakatta’a barruu inni biraan barruu hojjetamaniin wal qabsiisuudha. Haala kanaan mormuu, deggeruu, cimsuufi qaawwaa mul’atan agarsiisuun qorachuuf ka’umsa akka ta’e adda baasuudha.

Yaadolee olitti ibsaman irraa ka’uun qorannoo tokko hojjechuuf hojiiwwan kanaan duraa sakatta’uun barbaachisaa ta’uu nu hubachiisa.Barreeffamoota armaan dura kan mata duree qorannichaan hidhata qaban sakatta’uun faayidaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbifachuudha.

Boqonnaan kunis kan inni of keessatti qabatu yaada beektotaati. Yaadni beektotaa hedduu kanneen mata duree kana waliin hidhata qabuudha.Yaadni beektotaa kunniinis kitaabolee fi qorannoo duran hojjetamanirraa kan fudhatamuudha.

2.1. Fookloorii

Fooklooriin namoota garaa garaatiin hiikni addaa addaa itti kennamaa tureera. Fakkenyaaf, Dorson (1972)”Yaada-rimeen folklore” jedhu 1770 oota keessa namoota obboleewwan lamaan (Girmm Brothers)jedhamaniin qoratamaa kan tureefi,bara 1872 immoo biyya Ingiliziitti akka qorannoo haaraatti qorattoota philoologytiin kan eegalee ta’ee bara 1846tti, nama William John Thoms jedhamuun maqaan kun kan moggafame ta’uu kaasa. Fooklooriin jechoota lama “folk” fi “lore” irraa kan moggaafame yoo ta’u yaadrimee jecha kanaa Fileen (2016:30) akkas jechuun ibsa.

Afaan Ingiliziitiin folklore jedhu jechoota lamarraa walitti qindaa’ee kan moggafameedha. Kunis ‘folk’ jechuun uummata yammuu ta’u ‘lore’ jechuun immoo beekumsadha.Yaadrimeen jechoota lameenii kunneen gara Afaan Oromootti yoo deebi’an beekumtaa jedhama. Kunis jecha beekumsa jedhurraa hundee jechaa ‘beekum-‘ jedhuufi jecha ‘uummata’ jedhu irraa immoo

birsaga xumura /-ta/ fudhachuudhan jecha folklore jedhu kana beekumtaa kan jedhuun moggafamee jiru jedha. Finnegan (1970:50) gama isheetiin akkas jetti “Folklore is the generic term to designate the customs beliefs, traditional, tales, magical practice proverbs, saying, spells, songs etc in short the accumulation knowledge of home generous unsophisticated people” jetti.

Akka yaada hayyuu kanaatti, fooklooriin saayinsii waantota gooroo ta’an addaa addaa of keessatti hammatu kanneen akka amantaa, barmaatilee, oduu, falfala (magic), mammaaksa, jechamoota, sirbootaafi kanneen kana fakkaatan hammatee beekumsa hawaasaa walfakkaatan (hariiroo qaban) kanneen hin qaroomin akka ta’e kaa’a. garuu yaada kanneen keessaa kanneen hin qaroomin inni jedhu fookloorii hiikuu irratti hanqina waan qabu fakkaata. Sababiin isaas madda qaroomina ammayyaatiif fooklooriin bu’uura ta’uu kanneen kaasanis jiru.

Yaada kanaan walqabatu Misgaanuun (2011) Dan Pen Amos (1971) wabeeffachuudhaan yoo ibsu”Folklore is artists communication in small groups” jedha.Kana jechuun fooklooriin namoonni garee murtaa’e keessatti kan ittiin walii galan ta’uu agarsiisa. Walumaa galatti fooklooriin jecha lama irraa kan bu’uureefame ta’ee hayyoonni hundi kan kaa’an ta’ee waanta hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti itti dhimma bahu, itti jiraatee, itti jiraachuuf fayyadamuufi kalaqa hundaa kan hammatu ta’uu agarsiisa.

2.1.1. Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa waanti aadaatiin walitti dhufeenya kan qabuudha. Dorson (1972:2) akka ibsutti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaa irratti xiyyeeffatee hariiroo walitti dhufeenya garee irratti kan xiyyeefatu ta’uu kaasa. Misgaanuun (2011:19) duudhaa hawaasaa yoo ibsu “duudhaan hawaasaa amala hawaasni waliin qooddatu ta’ee dhimmoota duudhaafi amantaa kanneen akka kabaja ayyaanaa, tapha, bashannanaa, qoricha aadaa,amantii aadaa, safuu hordafuufi kan kana fakkaatuun kan wal qabatuudha” jedha. Kana jechuun duudhaan hawaasaa, wanta hawaasni barsiisfataan qabu waliif qoodu, waan safeeffatan, itti jiraataniifi fayyadaman waliif qoodan jechuu akka ta’e mullisa.Namoonni kutaa hawaasaa tokko waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti dhimmoota garaagaraa irratti aadaa kuufatan qabu.Aadaan kuufatan kun immoo eenyummaa isaanii ibsa.Kunis,waa’ee dhimma ta’ee tokkoo hawaasa isaatiin alatti ibsuufi ifa gochuun rakkisaa akka ta’e namatti agarsiisa.Kanarraa

ka’uun,aadaan mirkaneessituu eenyummaa hawaasaa yookiin saba tokkooti jechuun nidanda’ama.

Maalummaa aadaa kallattiin hiikuuf yaalurra waantota inni ofkeessatti hammatu addeessuun kan salphatu ta’uu hubanna.Haaluma kanaan,aadaan waantota ijaan mul’atan kanneen akka meeshaalee ogummaa,manneen jireenyaa,mi’a manaatiifi meeshaalee sab quunnamtii akkasumas waantota bu’aa bilchina sammuu ta’an kan akka beekumsaa barnootaa,saayinsiifi kanneen kana fakkaatan akka ofkeessatti hammatu ibsameera.Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa,qoricha aadaa,tapha aadaa,waaqeffannaafi guddina sadarkaa (kabaja) namaati.Dabalees duudhaa hawaasaa kana immoo gara duudhaa Oromootti fiduun ballinaan ilaaluun barbaachisaadha.

Akkaataa kanaan uummanni Oromoo Aanaa Dirree Incinnii keessatti argaman duudhaa jireenyaa hedduu qabu. Duudhaa qaban keessaa: sirna ayyaanota kabajuu, sirna fuudhaafi heerumaa, sirna waaqeffannaa,sirna ayyaana irreechaa,sirna ayyaana masqalaa, safuu, eebba, abarsaafi kanneen kana fakkaatu qabu. Sirnoota kanneen keessaaa muraasa isaanii haa ilaallu.

2.1.2. Sirna Fuudhaafi Heerumaa

Duudhaa Oromoo keessaa tokko sirna fuuudhaafi heerumaati.Sirni fuudhaa heerumaa aadaa saba tokkoo kan ta’eefi dhalli namaa haala jiruufi jireenyasaa keessatti sochiiwwan adeemsa gara fuula duraafi labata itti fufsiisuu keessatti gahee guddaa kan qabuufi kabaja olaanaa hawaasa keessatti kan qabuudha.Dhimma kana ilaalchisee Asaffaan (1983:5) fuudhaafi heeruma yoo ibsu “fuudhiifi heerumni adeemsa maatii ittiin horatan ta’ee kan saalli garaagaraa walitti dhufuun walquunnamtii saalaa raawwachaa waliin jiraataniidha.”jechuun ibsa.

Waraabbii olii kana keessatti wanti hubatamu fuudhaafi heeruma keesatti walhoruun,labata dabaluun kaayyoo isa jalqabaa ta’uu nu hubachiisa.

Biraanuun (2003:35) gaa’ela yoo ibsu “gaa’eii shamarreefi dargaggoon tokko bara isaanii keessatti walfuudhuun bara jireenya isaanii waliin akka jiraatan yoo murteessan jechuudha.”jedha.Yaada kanarraa akka hubatamutti fuudhaafi heeerumni shamarraniifi dargaggeesi ga’e bara isaanii guutuu waliin jiraachuufi sanyiin isaanii akka baay’atu kan taasifamuudha.

Haaluma walfakkaatuun Hornyby,Gateby and Wakefield (1995:603) gaa'ela yoo ibsan "marriegi is union of aman and awoman as hasband and wife;state of being marrieg."jechuun ibsa.Yaada kanarraa ka'uun gaa'elli hidhata dargaggessi tokko shamarree tokko faana haala fuudhaafi heerumaan walitti dhufuun abbaa warraafi haadha warraa ta'anii waliin kan jiraataniidha.

Haallan olitti ibsaman fuudhaafi heerumni duudhaa hawaasaa keessaa isa tokko ta'uun adeemsa namoonni jechuun dhiirri tokkoofi shamarreen tokko walitti dhufuun bultii ijaarrachuufi maatii harachuu; akkasumas labata fufsiisuu akka ta'e kan hubachiisuudha.

2.1.3. Sirna Ayyaana Masqalaa

Uummanni Oromoo ayyana masqalaa kana Gubaa Masqalaa jedhee waama.Dirribiin (2012:75) ayyaanni Masqala 'ammas-qalaa' jedhurraa akka dhufe barreesseera.kanas akka ragaatti kan inni kaase,yeroo ayyaana Masqala namoonni hedduun horii qalanii waliin nyaataniif uummata Oromoo biratti guyyaa ammaa amma qalan waan ta'eef sana irratti akka moggaafame ibsa.

Uummanni Oromoo ayyana Masqalaa kan kabjuuf kaayyoo mataa isaa qaba.Kanas Dirribii (2009)fi Filee (2016:55) sababa uummanni Oromoo Masqala kabajuuf ilaalchisee akka barreesanitti uummanni ganna gurraacha dhoqqeefi bacaqiirraa gara ifaafi booqaa Birraatti ce'uudhaafi gammachuu ofii kan ittiin ibsatan ta'uu isaa ibsaniiru.

Maatiin (2006:232) irratti akkas jechuun ayyaana Masqalaa ibsa;

> *Ayyaanni Ifaanoo akka maatiittis ta'e akka gamtaatti olla wajjin kabajamuu ta'ee mukeen akka bibirsaafi laaftoo of keessaa qabu,kan iddoo tokkotti daneessanii dhaaban;Gaafa jalbuitii ayyaana kanaa Hoomaraa dhaabanii gubuun.Hoomaraan gumee mukeen jijjiidhaa,birbirsa walitti gumeessanii hidhaniidha.Iddoon Hoomaraa dhaabanii itti guban kun mijjirii jedhama. Mijjiiriin kun iddoo kabajamaa waan ta'eef bariituu ayyaana ifaanoo walgahanii itti dhibaafatan;margaafi keelloo ciranii itti irreeffatan.*

Yaada olii kanarraa kan hubatamu ayyaanni Masqalaa kan kabajamu maatii yookiin ollaa wajjin hoomaraa yookiin daamaraa tolchuun kan ayyaaneffatamu ta'uu ibsa.Mukeen daamaraaf fayyadan birbirsaafi laaftoo ta'uu agarra.Dabalees bakki daamaraan itti gubatu Mijjirii ta'uu hubanna.Bakki mijjiirii kun kabaja guddaa kan qabuufi kan itti dhibaafatan akkasumas kan itti

irreeffatan ta'uudha.Gama biraatiin mukeen kan akka birbirsaafi laaftoo muka daamaraa keessatti makamaniidha. Bakka itti irreeffataniifi dhibaafatanitti marga jiidhaafi keelloo yookiin adaa qabatanii kan irreeffatan yookiin dhibaafatan ta'a.Kunis biqiloonni kunniin sirna ayyaana Masqalaa keessatti dhimma itti bahaman jalatti irreeffachuun kabaja muki kun qabu argisiisa.

2.1.4. Sirna Ayyaana Irreechaa

Sirni Irreechaa ayyaana waaqeffannaa waggaatti yeroo lama: yeroo birraafi arfaasaa malkaa,tulluufi abdaariitti ba'anii kan irreeffataniidha.Maatii(2006:235) ayyaana irreechaa akkas jechuun ibsa. "Ayyaanni Irreechaa waggaatti allama irreeffatama.kanaaf Irreechaan Irreecha Birraafi Irreecha Arfaasaa jedhamee iddoo lamatti qoodama."jechuun irreessa ibsa.

Ayyaanni irreechaa galateeffannaafi kadhaa kan ofkeessaa qabuudha. Isa keessa darbaniif galateeffachaa isa itti adeemaniif immoo nikadhatu.Maatiin (2006:235) akkas jedha;

> *waaqa ganna gurraacha nagaan isaan hoofkalchee birraan isaan ga'eef galata dhiyeessan;waaqa Irreechaa kun yeroo itti ganna keessa nagaan hoofkalanii bahuun Ayyaanni gara birraatti ce'aniidha.Waaqeffattoonnis marga jiidhaafi mallattoo birraa kan ta'e daraaraa keelloo ykn adaa qabatanii irreeffannaa waantota gaaris isaaniif godhes garaa qulqulluun galateeffatan.Kana malees birraa isaan dura jiruu nagaan akka isaan hoofkalchuuf kadhatanii wareeggatan.jedha.*

Egaa waraabbii olii kana irraa wanti hubatamu ayyaanni irreechaa kun galateeffannaafi kadhaa kan ofkeessaa qabu ta'uun namoonni marga jiidhaafi daraaraa keelloo qabachuun uumamaan uumaa isaanii kan ittiin galateeffatan ta'uu nama hubachiisa.Birraa akka ifaatti ilaalama. Dukkana keessaa ifatti nubaafte jchuun uumaaf galata dhiyeessu.Gaafa irreecha kanaaf deeman kana waantota gaggaarii isaaniif yaadachaa garaa dhiifamaan yookiin garaa qulqulluun uumaa galateeffachaa gara malkaa itti irreeffatanii deemu.

2.1.5. Sirna Waaqeffannaa

Waaqeffannaan duudhaa hawaasaa keessaa isa tokkodha.Kunis amantii waaqeffannaatti aananii fedhii,hawwwii,nagaa ofii akka argataniif waaqeffatanidha. Misgaanuu (2011;21) waaqeffannaa yoo ibsu akkas jedhe '" Waaqeffannaan kan hawaasni waan inni qabu marti nagaatti akka isaaf

eegamuufii rakkinni hawaasa keessatti isaan qunname marti akka dhabamuuf jecha kan kadhannaa ofii itti dhiyeessan duudhaa waaqeffannaati ” jedha

Haaluma wal fakkaatuun Maatii(2006;150) waaqeffannaa yoo ibsu”Waaqeffannaan waaqa tokkichatti amananii ittiin fedhii fi hawwii ofii fiixaan baasanidha.”

Yaada hayyootaaa olii kanarraa wanti hubatamu amantii waaqeffannaa hariiroo namaatti waaqa gidduu jiru ta’a, kan namoonni fedhii , hawwii, , nageenyaafi kana fakkaatu waaqa irraa argachuuf kadhaa taasisanidha.

Egaa walumaa galatti akka falaasama duudhaa Oromootti Ayyaanni maqaa, guyyaa,carraafi afuurri waaqaa kan ittiin addeeffamu jechuun nidandaa’ama.

Ayyaanni karaa waaqni uumama isaa mara waliin walquunnamuufi uumama mara itiin qajeelchuudha.Malkaa,tulluun,guyyaan,namni,bineensotniifi kan kana fakkaatan hundi ayyaana isaanii eeguufi isaan qajeelchuu qabu.Akka fakkeenyaatti Dooraan ayyaana bineensaa,Maaram ayyaana deessuu,Ateeteen ayyaana dubartii,Boorantichi ayyaana angafaa,Golfaan ayyaana qe’ee,Wadaajini ayyaana maatii yookiin lammiifi kanneen biro maqaa dha’uun nidanda’ama.(Maatii,2006)

2.1.6. Sirna Ayyaaneffannaa

Sirna duudhaa Oromoo keessaa tokko ayyaaneffannaadha.Sabni kun durii jalqabee ayyaanaafi ayyaantuu qaba .waa’ee Ayyaanaafi Ayyaantuu ilaalchisee Dirribii(2009; 107-109) akkas jechuun ibsa;

> *Ayyaana jechuun waan hedduudha .Guyyaadha, carraadha, milkiidha. Akka ilaalcha waaqeffannaatti, Ayyaana jechuun waan waaqan ramadamee akka uummanni safuu eeggatee wal danda’e waliin jiraatu kan to’atudha. Nama ayyaana qabu jechuun eegduu kan isa tiksu qabu jechuudha.Burqaan, tulluun, malkaan mukni jiidhaafi wanni hedduun ayyaana qabu.Nama cubbame, muka goggogaafi waan du’aarraa ayyaanni ni godaana jedhama.Ayyaantuun hiika hedduu qaba. Inni tokko waanna milkaa’u qabu jechuudha namni waa hojjatee yoo milkaa’eef ayaanome jedhama Ayyaantuun namoota safuu waaqa fi lafaa beekan , warra obsa qabeeyyii, warra kadhatanii waaqarraa argatan, warra laguu eeggatan , warra yeroo ofii*

amantiidhaaf kennan,warra yeroo eebbisan waaqni dhaga'uuf kanaafi kana fakkaatan warra ta'anidha jedha.

Yaada armaan olitti ibsame kanarraa waanti hubatamu, duudhaa Oromoo keessatti ayyaana jechuun kan waaqan ramadame waliin jiraatu kan taasisisu yemmuu ta'u ayyaantuun ammo namoota safuu waaqaafi lafaa beekan, warraa laguu eeggatan, warra yeroo ofii amantiidhaaf kennaniifi kanaafi kan afakkaatan kan raawwatanidha. Nama ayyaana qabu jechuu kan eegduu qabu jechuudha.Ayyaanni kunis amma namoonni lubbuun jiranitti waliin jiraata. Gaafa namni du'u ayyaanichi irraa godaana jechuudha.

Gama biraatiin ayyaanni milkii wajjin akka walqabatuudha. Kunis namni tokko ayyaana qaba jechuun milkii qaba jechuun walqabsiifama.Kana keessatti wanti nuti hubannu ayyaantuu jechuun warra safuu waaqaa eegan, kan obsa qaban, warra kadhatanii waaqarraa argatan, warra laguu eegan,warra yeroo isaanii amantiif kennaniifi warra yoo eebbisa waaqni dhaga'uuf jechuun ibsama.

Akka Maatiin (2006;159) ibsutti waanti uumame marti namni, bineensonni, mukti haati , abbaaniifi kan kana fakkaatan marti ayyaana isaan eeguufi isaan qajeelchu ni qabu. Ayyaanni kunnin lubbuufi jreenya dhalanamaa fi uumamaa qajeelchuu, akkasumas uumaa fi uumama wal qunnamsiisuu kan danda'u ta'uu ibsa.

Maalummaa ayyaanaan wal qabsiise Maatin (2006) akka ibsu "Ayyaanni ijaan hin mul 'atu garuu human guddaa nama eeguufi nama qajeelchuudha. Ayyaana ayyaantuun beekan malee ijaan hin mul'atu.Ayyaana jechuun mil'uu waaqaa kan waaqni ittiin uumama mara uume qajeelche jechuudha." Yaada barreessaa kana irraa waanti hubatamu, ayyaanni ijaan kan hin mul'anne ta'ee humna guddaa kan qabu kan sodaatamuufi kan kabajamu ta'uu hubanna.

Ayyaaneffaannaan guyyaa hundaa osoo hin taane yookiin guyyaa lafoo kan ayyaneffamu miti. Guyya keessaa, baatii keessaa, yookiin ammo waggaa keessaa guyyaa itti ayyaaneffamuu qaba.Guyyaa ayyaaneffannaa kanatti hundi walitti yaa'ee waqaa uumaa isaa kadhaataa; akkasumas galateefataa. Yaada kanaa Maatii(2006:142) akkas jechuun ibsa;

Kadhanaan guyyaa lafoo qofa hin kadhatamu; guyyyaa ayyaanaallee ni kadhatma.Kadhannaan guyyaa ayyaanaa tun kadhaannaa gamtaati. Kadhaannaan tun kan gamtaa waan ta'eef xinnaa guddaan, dhiiraa dhaalan baala abbayyii, baala magariisaaafi kichuu qabatani bakka waaqeffannaa (kadhannaan) walootti ba'an. Achiin waltajjii waloo kan akka Malkaa, Tulluu, Mijjirii, Odaa jala fa'aatti yaa'ani sagalee tokkoon wal jala qabani kadhaatan; angaafti ni kadhaataa; jamaan gamtan jala qaba.

Yaada warabbii oliirra wanti hubatamu ayyaaneeffannaan guyyaa keessa guyyaa mata isa kan qabu, gamtan kan ayyaaneffatamuu ta'uu agarsiisa. Guyyaa ayyaanaa kanatti namoonni hundi walitti yaa'anii waaqa uumaa isaanii kan kadhatan yoo ta'uu baala jidhaa qabatani iddoo jila sanatti kan walga'an ta'uu hubanna. Bakki itti kadhatan bakka waltajjeessa namoota hundaaf mijtaa ta'e filatanii guyyaa murteeffatan sanatti deemanii waaqeffatu. Bakki filatan kun Odaa jala, bakka malkaa addaa addaa, tulluufi bakka mijjirii ta'uu danda'a.Haalli itti waaqeffannaa isaanii gareen yookiin dhuunfaan deemanii waaqeffachuun danda'ama.

2.1.6.1. Akaakuu Ayyaaneffannaa

Akka hawaasti Oromoo amanutti ayyaanni akaakuu bal'aa qaba. Akaaku ayyaana kunis bakka sadiitti qoodamuu ilaala.

Ayyaana Waaqaa: Akka amantii waaqeffannaatti waaqni ayyaana ulfaafi kabajamaa waan hunda ittiin qajeelchu qaba.Akka Maatiin (2006) ibsutti ayyaanni waaqaa kan waan hundaa altokkotti sirreessuu akka danda'u dabalees galata, eebbaafi galata mararratti kan himamu ta'uu isaa ibsa.

Ayyaana namaa: Waaqni ennaa nama uumu ayyaanaa kan tokkoo tokkoo isaa wajjin uume. Maatii.(2006) yaada kana yoo ibsu" Waaqni dhala namaa kan uume mataa mataa wajjin ture. Dhalli namaa cufti matuma mataan ayyaana mataasaa ni qaba" jedha.

Yaada kanarraa waanti hubatamu tokkoon tokkoo namaa guyyaa dhalatee eegalee ayyaana waaqaa ittiin jiraatu qabaachuu agarsiisa.

Ayyaanni dhala namaaf kennamu kunis kan namni mata mataatti hunduu dhuunfaan qabuufi ayyaana addaa kan waaqni namoota ayyaantuu akka ta'an filee muuduuti. Namoota kunniin

beekumsa addaafi humnba addaan raajii waaqa himuu, lallabuufi hiikuu kan danda'an , waaqaa fi dhala namaakan wal qunnamsiisaniidha.(Maatii,2006)

Ayyaana Uumaa: Hawaasti Oromoo uumama lafarra jiru ni safeeffata seera uumamaa eegetu itti fayyadama. Yoo kana gochuubaate badiitu uumama. Ayyana uumama eega (Maatii 2006;224) akkas jechuun Ayyaana uumamaa ibsa;

> *Waaqeffannaan akka amanutti uummanni cufti ayyaana ittin socho'u ni qabas. Ayyaanni kun kan dhalootaafi uumamaan uumamarraa argamedha. Dhalli namaa ayyaana uumamaa ni safeeffata.Safuunis ayyaana uumamaa waan ta'eef akka uumamaatti akka fulla'u ni taasisa. Waaqni uumama mar ka akan uume ayyaana mataasaanii wajjin ture. Ayyaanni kun ammo yoo safeeffatamuu baate hariiroon uumaafi uumamaa jidduu jiru ni bada.Kun ammo badii waan dhaluuf hedachuun dirqama dhala namaati. Fakkenyaaf guyyaa hedduun malkaa, tulluufi k.kf. waantota dhalli namaa safeeffatu keessaa isa jajjaboodhq. Akka ilaalcha waaqeffannaattis uumamni sirreeffama ni qabaAyyanni kun waanti cufti iddoo naqamee taa'ee nagaatti tasgabbiin qajeelfamu taasisa.*

Yaada olii kanarraa hubatamutti akka amantii waaqeffannaatti uumamni hunduu ayyaana mataa isaa kan ittiin socho'u qaba. Ayyaanni kunniin seera uumamaa waan ta'aniif ni safeeffatamu iddoo itti eegamu qabus. Yoo kana ta'uu baate yookin uumamni kun yoo iddotti eegamuu baate balaa kan fidu ta' uu agarsiisa.Uumaan safeeffatamuu baannaan hariiroon uumaafi uumama jidduu jiru ni bada.Malkaan,tulluun,guyyaafi ayyaantuun kanneen dhalli namaa safeeffatan keessaa isaan gurguddoodha.Akka ilaalcha waaqeffattootaatti uumamni duraa duuba yookiin sirreeffama niqabaata.Uumamni martuu osoo waliisaa hinmiidhin nagaatti eegamuu qaba.

2.1.7. Sirna Ayyantuu

Ayyaaantuun duudhaa amantii waaqeffannaa ta'ee kan uummanni Oromoo itti bulaa ture, ammas itti bulaa jiruudha.Qaalluuun ergamaa namaafi waaqa kan walitti fiduudha. Akka Maatii (2006:164) ibsutti "amantaa Oromoo waaqeffannaa keessatti Ayyaanni ergamaa waaqaati.Waaqaafi nama kan walitti fiduudha.Rakkoo jirus akka hiikkatu jidduu deemsi raawwatama jedhameeti amanama."jedha.

Yaada olitti ibsamerraa akka hubachuun danda'amutti ayyaanni mil'uu, gaaddidduu, hawwii, milkiifiwaan waaqaan ramadame tiksee namaafi uumama hundaati.Akka ilaalcha waaqeffataatti ayyaantuu jechuun kan namni tokko hariiroo uumaafi uumama gidduu jiruittin hubatu,kan waaqaan kennamu kan eenyuyyuu namarraa mulquu hindandeenye,waaqaafi nama jidduu dhaabbatee kan tajaajiluufi namaafis furmaata kan kennuudhaAkka yaada olii kanarraa hubatamutti akka aadaa Oromootti ayyaantuu warri jedhaman qaallomanii kan milkooman ergamaa waaqaati.Waaqaafi nama yaadan kan walargisiisuudha.Kunis yoo eebbisan dhgeessiffachuuf yoo abaaran balleessuu kan danda'aniidha.Akka aadaa Oromootti geggeessaan amantii (giddu deemaan)waaqaafi namaa kun immoo ayyaana(Qaalluu)jedhamuun hawaasa keessatti amanama.Kanuma ilaalchisee Negason (1984:153)yoo ibsu"Thrugh their role as (mediators) both between the sprits(ayyaanaa) of the ancestors and their desendants and between individual and groups,they could accumulate much following and wealth."jedha.

Ayyaanni hiikoo waan hedduu of keessaa qaba.Milkii,sirna waalkabajuu,safuufi kanneen kana fakkaatan ofkeessaa qaba.Ayyaana ayyaanaan beeku malee ijaan hin argan.Ayyaanni safuu eeguun tikfama.Hundeen utubaa waaqeffannaa kan akka fedhiifi seera waaqaatti dhala namaafi uumama qajeelchu safuudha.Kanaafi akka aadaa Oromootti safuu eeeguun dirqama jireenyaati.

2.1.8. Hariiroo Biqilootaafi Sirnootaa

Hawaasini Oromoo sirnoota geggeeffatu keessatti osoo biqiloota hinfayyadamne hafee hinbeeku.Ittiin Waaqa kadhachuuf,ittiin galateeffachuuf,ittiin eebbisuuf,ittiin abaaruufi kanneen kana fakkaatan hundaa keessatti biqilootatti fayyadamu.

Sirna waaqeffannaan walqabatee Warqinaa (2008:12-13) akkas jechuun ibsa;

> *Oromoon waaqa isaa yammuu kadhatu,bakka jiidha qabu bishaaan bira yookiin muka guddaa baala lalisaa qabu jalatti walgahanii marga lalisaa harkatti qabatanii bosonni uumamaa bakka irratti biqilee argamu gaara guddaa irratti ol bahee kadhannaan waaqaaf galata galcha.Oromoon marga jiidhaa harkatti qabatanii kan isaan sagadan gara gubbaa,bakka gaaddisa qabu Odaa guddaa jalatti yookiin qarqara bishanii yookiin burqaa biratti walgahu.*

Yaada olii kana keessatti kan nuti ilaallu,maaliif Oromoon muka guddaa baala lalisaa qabu, marga lalisaa,bosonai bakka gaaddisa Odaafi biqiloota kanneen biroollee fayyadamuu kan

danda'uuf biqiloonniifi sirni raawwatamu hariiroo maalii akka qaban kan hubachiisu yookiin akka xiinxallu kan nu taasisuudha.Bakki itti waaqa kadhatan bakka hundaa kan hintaane qarqara lagaa,muka guguddaa jala Odaafi isaan kana fakkaatan filataniiti jalatti kadhatu.Jiidhaan jiidha kadhatu. Muka hoodia kan ta'e jalatti waaqeffata. Harkatti jiidha qabateetu waaqaaf sagada. Kunis kakaja biqilootaf qabu agarsiisa.

Gama biraatiin sirna waaqeffannaa keessatti biqiloonni safuu kan qaban ta'uu,akkasumas kunuunsuun barbaachisaa akka ta'e Dirribii (2009:22,67) akkas jechuun ibsa:

> *Waaqeffannaan ganamaa akkaataa ittii uumaafi uumama ilaalu,ilaalchiifi safuu qabu ture.Bakki itti waaqeffatu Ardaa jilaa:tulluu,malkaa,burqaa,haraafi haroo diriirtuu qaba ture.Bakki itti walgahu gaaddisa galma Odaa ,Birbirsaa,Harbuufi Somboo qabu ture.Biqiltuun qananiidha.Osoo gogaan jiruu jiidhaan hin muramu.Osoo jallaan jiruu sorooroon yookaan solooloon hin muramu.Safuudha.*

Waraabbii olii kanarraa wanti hubatamu biqiloonni kabaja kan qabaniifi ergaa mataa isaanii qabaachuu nu hubachisa.Odaan,somboon,harbuufi birbirsi muka kabajaa ta'uu isaaniifi osoo biqiluu gogaan jiruu jidhaa muruu dhiisuun,akkasumas osoo jallaan jiruu qajeelaa yookiin sorooroo muruu dhiisuun biqiloonni ayyaaneffannaa Oromoo keessatti kabaja olaanaa qabaachuu agarsiisa.

Gama birootiin biqiloonni kanneen akka birbirsaa, hindheefi kanneen biroon raawwii sirna Ateetee keessatti gahee olaanaa qabu.Yaada kanarratti Maatiin (2006:147) akkas jechuun ibseera:

> *Ateeteen loonii bakka tokko tokkotti Jaarii Kormaa jedhama.Ayyaanni kun baatii Sadaasaa keessa kabajama.Ayyaanni kun ayyaana looniiti.Ayyaanni kunis dallaan loonii bakka duraan tureerraa ka'ee gara gaaddisa qe'eetti galuusaaf kabajama.Wiirtuu dallaa loonii kana gidduus birbirsa sorooroo yookiin baala birbirsaa kutanii dallaa looniirra godhan.Dallaa loonii kana keessatti kormoomsaa dhaabbate jalatti marqaa Ateetee qopheeessanii ayyaana qe'eefi loonii qajeelfatan..*

Waraabbii olii kanarraa wanti hubatamu raawwii sirna Ateetee Sadaasaa keessatti biqiloonni kanneen akka birbirsaafi bakkaniisaa dhimmicha keessatti kan dhimma itti bahan ta'uu ka'a.Dabalees mukeen kun kabajamaafi kan jalatti dhibaafatan ta'uu ibsa.Biqiloonniifi sirni

raawwatamu hariiroo waliin qabaachuufi hiika bakka sanatti qabaachuu agariisa.Kormoomsaa dhaabbate jalattis marqaa Ateeteef qophaa'e kan jalatti dhibaafatan ta'uu nu hubachiisa.Kunis sirna Ateetee keessatti biqilonni

2.2. Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxxinni qorannoo tokko geggeessuuf murteessaadha.Gosa qorannoo kamiyyuu keessatti yaaxxinni kanatti kan amantti agarsiisuudha.Yaaxxinni dirree qorannoo addaa addaa dadhabinaafi cimina mataasaanii qabaataniyyuu hanga yoonaatti qorannoo tokko geggeessuuf yaaxxinni inni tokko isa biroo qeeqa waan ta'eef, hundi isaaniiyyuu faayidaa mataasaanii qabu.

Haala kana Dorson (1972) yemmuu ibsu, "Theories do exist and complete vigorously each ahter." jedha. Yaaxxinni filatamaa ta'e tokko akka hinjirre qorattoonni addaa addaa ibsaniiru.Haa ta'u malee, qorannoo kana keessatti yaaxxinni ani itti gargaarame kanneen armaan gadiiti

2.2.1. Yaaxxina Haalaa

Yaaxxina haalaa qorannoo mata duree qaaccessa hariiroo biqiloonni sirna ayyaantuu waliin qaban jedhuuf kallattii ni agarsiisa. Sababiin isaas qorannoo tokko yeroo geggeessen waan ta'aa jiru, waan raawwatamaa jiru keessatti hirmaachuun qo'achun qorannoo sana daran bu'a qabeessa taasisa. Yaada kana kallattii yoo ilaalle "--- the folkore concept apply not to a text but to on event in time in which a tradition is performed or communicated," (Dorson, 1972:45).

Kanaafuu, fokloorii tokko qo'achuun kan danda'amu, waan raawwatee taa'erraa osoo hin faane waan raawwachaa jiru bu'uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa fooklooriin sun keessatti raawwatu, akkamitti akka raawwatu, yoom akka raawwatu, yoomeessicha keessatti argamuun ka xiinxalamuudha. Walumaa galatti yoomeessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu'uun kan geggeeffamu ta'uu ni hubachiisa.

2.2.2. Yaaxxina Tajaajilaa

Akka yaaxxina kanaatti fooklooriin faayidaa inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteesaadha yaada jedhutu olaantummaan yaaxxina tajaajilaa keessatti mul'ata.Akka Bascom (1965) jedhutti namoonni fooklooriitti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hunda'anii akka itti fayyadamaniif kan carraa

kennuudha.Akka yaaxxin6a kanaatti afoolli faayidaa isaatiin ala yoo ilaalle hiika qabaachuu hindanda'u.Qo'annaan fookiloorii gama faayidaa isatiin geggeeffamuu qaba.

Filee(2016:49) irratti yaaxxina tajaajilaa yoo ibsu "yaadiddamni tajaajilaa adeemsa sirnootaafi ayyaanota addaa addaa faayidaa isaa,gahee meeshaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qabu,hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi aadaa isaaf qabu qorachuu keessatti gahee olaanaa qaba."jedha

Yaaxxinni tajaajilaa akkaataa ijaarsa afoolaa osoo hin taane tajaajila afoolli hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata.Isa kana irratti Bascom(1992:175) yoo ibsu "…as folklorists,we examine the verbal customary way and haw it important to the people sharing it."jedha.wanti yaada kanarraa hubatamu qorataan fokloorii yaaxxina tajaajilaatti yoo fayyadame wanti afaaniin himamu,barsifamuufi meeshaleen aadaa maaliif akka tajaajilaniifi akkamitti akka tajajilan akka irra jiraatu ibseera. Kanarraa ka'uudhaan qorattuun kun yaaxxina tajaajilaa kana hojii ishee keessatti dhimma itti baatee jirti.

2.3. Qorannoolee Walfakkii

Qorannoowwan kanaan dura geggeeffamanii mata duree qorannoo kanaa kan ta'e " Hariiroo Biqilloonni Sirna Ayyaantuu waliin Qaban" jedhu waliin karaa kallattiins ta'e alkallattiin kanneen walitti dhufeenya qaban kanneen digirii jalqabaatii hanga digirii lammaffaatti jiran sakata'uun kan ani argachuu danda'e qorannoo Darajjee Gammadaa (2012) kan digirii lammaffaa (M.A) guuttachuuf taasifame kan mata duree "Qaaccessa Qabiyyee Qoricha Aadaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa" jedhuufi kan Katamaa Baatii (2014) kan digirii lammaffaa guuttachuuf taasifame kan mata duree "Xiinxala Biqiloota Aadaafi Ayyaaneffannaa Oromootiin wal qabatan kan Aanaa Ada'aa Bargaa" jedhu kun qorannoo kana waliin waan ittiin wal fakkaataniifi adda ta'an ni qabaata.

Qorannoon Katamaa Baatii (2014) mata duree Xinxala Biqillotaa Aadaafi Ayyaaneffaannaa Oromootiin wal qabatan kan Godina Shawaa lixaa Aanaa Ada'a Bargaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta' u qorannoon kun Aadaafi ayyaaneffanna Oromoo keessatti biqiloonnin hiikoo mataa isaanii kan qabaniifi kanneen ammo sababa ittin filataman qabaachuu isaaniifi uummatichis biqiloota kanneenitti fayyadamuun aadaa fi ayyaaneffannaa isaanii kan ittiin gaggeeffatan ta'uu ibsee jira.. Dabalataanis uummatichi safuu isaa ittin gaggeeffachuuf, tokkummaa isaa ittiin

cimsachuufi yookiin ittin waliin galuuf akka itti gargaaramu kaa'era. Hiikoo yookin ergaa biqiloota kannenis tokko tokkoon kaa'eera. Biqiloota kannenis tokko tokkoon kaa'eera. Qorannoon kun qorannoo koo waliin kan walitti dhiyaatu ta'us bakka itti adda ta'e ni qaba.Qrannoo isaa kana keessatti kan sirnoota hundaa iddoo tokkotti walitti qabee ilaaluuf kan yaale yoo ta'u qorannoon kun immoo kan sirna Ayyaantuu qofarratti kan xiyyeeffateedha. Kana jechuun matadureen isaayyuu biqiloota aadaan walqabatan hunda bakka tokkotti xiinxaluuf yaaleera.Dabalees kanneen adda taasisan keessaa tokko yoomessa isaati.Kunis Godiinaan tokko ta'uyyuu aanaan qorannoowwan kunniin itti geggffama addaa adda.

Qorannoo Darajjee Gammadaa (2012) digirii lammaffaa (M.A) guuttachuuf taasifame kan inni irratti xiyyeeffate mata duree "Qaaccessa Qabiyyee Qoricha Aadaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa" jedhamurratti yammuu ta'u, qorichi aadaa biqiloota addaa addaa irraa qophaa'uun dhukkubsattootaaf kennamuu dhaan dhukkuboota garaa garaa akka fayyisu kan eeruudha. Biqiloonni qorichummaaf oolan kunniin kan akkamii akka ta'an qaama biqilootaa kamtu akka qorichummmaaf ooluufi akkamitti qophaa'ee akka qorichummaaf oolu kan ibsuudha. Biqiloota kannenis iddoo garaa garaatti qoqqooduudhaan kaa'ee jira kunis hidda , baala, ijaafisolloqqee mukarraa hojjatamuu isaanii ibsee jira. Gosti biqilootaa qoricha aadaa irraa hojjatanis kanneen akka soolee, Araarsoo, qomonyoo, Bakkanniisaa, Andoodeefi kanafi kanafakkaatan jechuun ibse jira.Biqiloonni qorichaaf oolan kunniin iddoo garaa garaatti qoqqodamuu akka danda'an ibsee jira. Fakkeenyaaf mukkeen gurguddoo kunniin akka muka Soolee, Araarsoo , Qomanyoo, Bakkannisa, fi biqiloota xixiqqoo kanneen akka Andoodee, Coqorsaafi warra kan fakkaatan jechuun lafa kaa'ee jira.Qorannoon beekuun qoricha aadaa biqiloota malee waan biro irraas akka hojjatamu ni heera.Mata dureen qorannoo isaa kun biqiloota maqaa dhahuun isaatiin qorannookoo kana waliin waliin walitti dhiyaachuu malu.Haata'u malee qorannoon koo kun inni irraati xiyyeeffatu uummanni oromoo sirnoota adda addaa keessatti biqilootatti fayyadamuu isaatiifi biqiloonni sunniin faayidaa biqiloonni seerota keessatti qaban , biqiloota kamtu seerota keessatti akka itti dhimma ba'amaniifi amalaafi uumama biqiloonni kunniin qaban kan qoratudfha.Kanaafuu qorannoo dhimma qoricha aadaa kana waliin adda addummaa qabaata.

Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa

Kutaa keessatti qorattuun kun qorannoo ishee geggeessitu keessatti adeemsaaf kan ishee gargaaru kana saxaaxa qorannoo, madda odeeffannoo, iddattoo, mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu, mala qaaccessa ragaafi kana fakkaatan as jalatti tarreeffamanii argamu.

3.1. Saxaaxa Qorannichaa

Saxaaxi qorannoo kaayyoo qorannoon sun adeemsifamuuf ka'e sana galmaan ga'uuf waantota raawwatamuu qaban of jalatti kan hammatuudha. Saxaaxi qorannoo galma ga'iinsa qorannoofi gaaffilee qorannoo bu'uuraa deebisuuf kan geggeeffamuudha. Saxaaxa qorannoo akka Addunyaa (2011:63)ibsutti waliigala qorannichaa kan ta'u ta'ee qorannichi maal akka fakkaatuufi maal irratti bu'uureffate agarsiisa.

Qorattuun kun gosa qorannoo ibsaa mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun qorannoo ishee geggeessiteetti. Malli akkamtaa duudhaa hawaasaa ittiin qorachuuf mala mijataa ta'eedha.

3.2. Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo jechuun burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti.Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda raga tokkoffaa yoo ta'u innis maanguddoota waa'ee duudhaa Oromoo beekan,namoota raawwii sirna ayyaantuu irratti hirmaatan, akkasumas Ayyaantuu warra ta'an madda raga godhachuun qorannoon kun geggeefameera.Qorattuun kun sababii isheen madda raga tokkoffaatti fayyadamteef ,madda raga tokkoffaa keessatti odeeffannoon haqa ta'e waan argamuuf. Yaada kana kan dhugoomsu,MOE (1999:177)yoo ibsu "pirimary data is original to the problem,have direct physical contact to the event."jecuun ragaan duraa dhimma qoratamu waliin hariiroo akka qabu mul'sa.

3.3. Mala Iddattoo

Malli iddatteessuu adeemsa fudhannaa iddattoo namoota walii gala keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuudha.Kana ilaalchisee Berg(2011:11) yoo ibsu qorataan tooftaa kamiin iyyuu fayyadamee iddattoo fudhachuun waan hinoolleef kanneen dhimmicha ilaallatu hundaa irraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef iddattoo filachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.Haata'u malee iddatteessuun tooftaa garaagaraa yoo qabaate iyyuu qorannoo kanaafi

iddatteessuu kaayyeffataa/purposive sampling/ fayyadamuun namoota waa'ee duudhaa Oromoo beeku jedhaman maanguddootafi ayyaantuu ta'an kaayyeffattee filachuun qorannoo ishee adeemsifteetti.Kunis Gandoota Aana Dirree Incinnii keessatti argaman (20) keessaa gandoota afur(4)filachuun ,tokkoo tokkoo gandoota kanneenii keessaa namoota waa'ee hariiroo biqilootaafi sirna ayyaantuu irratti hubannoo qabaniifi warren ayyaantuu ta'an namoota kudhalama (12)filchuun afgaaffii isaanii gochuuf eessatti akka argaman immoo iyyaafachuun bakka isaanii deemuun odeeffannoo fudhachuun qorannoon kun geggeeffameera.Dabalataanis bakka barbaachisaa ta'etti qorattuun mala iyyaafannaa yookiin darbaa dabarsaa (snowball)fayyadamtee namoota beekumsa addaa dhimma hariiroo biqilootaafi sirna ayyaantuu irratti hubannoo qabu jedhaman iyyaafachuun raga irraa funaannattee jirti. MOE(1999)waa'ee kanaa yoo ibsu "to get adequate information searching the best person who know about the issues is the best way than using other technique"jedha.

3.4. Malleen Funaansa Ragaa

Qorannoo akkamtaa keessatti meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaannachuuf gargaaran kanneen akka af-gaaffii, marii gareefi dookimantii sakatta'uun isaan ijoodha.Qoratuun kunis meeshaalee ittiin odeeffannoo funaanamu kanneen keessaa af-gaaffii, marii gareenfi daawwannaatti fayyadamuun odeeffannoo ishee funaannatteetti.

3.4.1. Af-Gaaffii

Af-gaaffiin gosoota malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoodha. Qorannoo kanaaf ni ta'a jedhamee wanti yaadamuf qorataafi odeef-kennaan fuulleetti wal arganii odeeffannoo waliif kennuuf tajaajila.Yaada kanarrrtti Dasaa.(2002) irratti akkas jechuun ibsa. "Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu isa tokko ta'ee kan qorataafi odeef-kennaan (informant) fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennani."jedha.Kanuma irratti hundaa'uun qorattuun kun maanguddoota aanichaa keessaa gandoota afur(4) keessatti filataman keessaa kanneen hawaasichaan beekamoo ta'a irraa odeeffannoo walitti qabachuuf waan gargaaraniifi qorannichaafis irra jireessa mijawaa ta'ee argameera.Haaluma kanaan bakka odeef-kennitoonni itti argaman deemuun dhimmoota biqiloota sirna ayyaantuu keessatti dhimma itti bahamaniifi amaloota biqiloota kanneenii gaafachuun odeeffannoon gosaata biqilootaafi amala biqiloota sirnicha keessatti tajaajilanii funaanameera.

3.4.2. Marii Garee

Mariin garee meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoodha. Qorannoo qorattuun kun adeemsfte keessatti gosa qorannoo ibsaafi mala qorannoo akkamtaa waan ta'eef odeeffannoo bal'aa argachuuf marii gareetti gargaaramuun dirqama ta'a. kunis akkuma odeeffannoo af-gaaffii odeeffannoo jalqabaa afaan iddattootaa irraa waan argamuuf haqa qabeessummaan isaa olaanaadha. Marii garee keessatti iddattoon waan sirrii irratti yaadan wal deggeran,kan sirrii malee wal hubatan immoo falmii geggeessuun wal sirreessaa, yaada tokko irraanfate kaan yaadachiisaa, kan odeeffannoon ittiin funaanamuudha.Kanaaf namoota odeeffannoo kennuu danda'u jedhamanii karaa Ayyaantuutiin eeraman namoota afur Ganda Arfijoo Dagaa keessaatti guyyaa isaaniif mijitaa ta'ee itti nabeellaman bakka Waloo jedhamutti mariin garee gaggeeffameera.Marii garee kanarrattis gaaffiwwan dhimma hariiroo sirna ayyaantuufi biqiloota gidduu jiru irratti marii geggeessuun gosootaa,faayidaafi hariiroo biqiltonni sirna ayyaantuu kaassatti fayyadan maal akka fakkaatu odeeffannoon argameera.

3.4.3 Daawwannaa

Daawwanaa ilaalchisee Dastaan (2002:90) yoo ibsu "Daawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaanamu ta'ee qorataan bakka qorannootti yeroo yeroon argamee qaama qorannicha geggeessusanaan kan hordofamuudha ." Jechuun ibsa.

Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kanaaf daawwannaa kan dhimma itti baateedha. Daawwannaanis haala addaa addaatiin kan geggeeffamuudha. Haalli daawwannaan itti daawwatamus guutummaan hirmaachuu, gamisaan hirmaachuufi taajjabuudha. Haalota kanneeneen keessaa qorattuun gamisaan itti hirmaachuun daawwannaa geggeessiteen sirnichaa irratti raawwii biqilootaan walqabatan itti fayyadama isaa kan mirkaneeffatteedha.Kunis bakka galma warra Qaalluutti baala addaa addaan yeroo irreeffatan keessati hirmaachuun bakka sanatti waantota raawwataman daawwachuun raga ishee barbaachisu funaannatteetti.

Qorattuun daawwannaa dirree kan taasifte gaafa 15/07/2011fi gaafa 22/08/2011" Galma Ayyaantuu Warra Gooftaa Waloo" Ganda Arfijoo Dagaa keessaatti argamu deemuudhaan ture.Guyyaan sunis guyyaa ayyaaneffannaa isaaii waan ta'eef sirnicha irratti argamuun daawwannaan taasifameera. Daawwannaa kanaanis gosoota biqiltuu sirnicha irratti dhimma itti bahama isaan kam akka ta'e daawwatameera.

3.5. Tooftaa Qaacceessa Ragaalee Qorannichaa

Malli qaacceessa ragaa, ragaa funaaname tokko akkaataa itti qaaccessanii hiikaniidha.Malli qaaccessa ragaa sadiitu jiru.Isaanis;Addunyaan(2011) yoo ibsu "mala akkamtaa, mala hammamtaa fi mala akkamtaafi hammamtaa walmakaa fayyadamuudhaan kan qaacceffamu." Jedhee jira.

Maloota qaaccessa raga sadan jiran kanneen keessaa qorannoo kanaaf qorattuun kun dhimma itti baate mala qaaccessa ragaa akkamtaati. Sabaabiin isaa, qorannoson hariiroo biqiloonni sirna Ayyaantuu wajjin qabu jedhu kun qorannoo aadaa wajjin kan walqabateedha. Qorannoon aadaa yeroo geggeeffamu malli qaaccessa raga mijataa akkamtaa akka ta'e hayyoonni baay'een ni kaasu.

Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi Xiinxala Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti ragaalee od-himtootarraa argamantu qaacceffamee jira. Odeeffannooleen qorannoo kanaas mala akkamtaatiin kan xiinxalamaniidha.Qorattuun qorannoo kana geggeesite hariiroo biqiloonni sirna Ayyaantuu yookiin Qaalluu waliin qaban kan Godiina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinniiirratti qaaccesite ta'a.Kanaaf odeeffannoo af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan walitti qabatte qaaccesitee jirti jechuudha.

4.1. Faayidaa Biqiloonni Sirna Ayyaantuu Keessatti Qaban

Uummanni Oromoo sirnoota raawwatu keessatti biqilootatti fayyadama.Sirnoota kanneen keessaa tokko sirna Ayyaantuu yookiin Qaalluuti.Akka amantaa kanaatti namni kamiyyuu ayyaana ittiin dhalatu qaba.Haata'u malee namni hundi Ayyantuu yookiin Qaalluu miti.Ayyaantuun namootaafi Ayyaana walitti fiduuf,araarsuuf,yookiin waan ayyaanni jedhe afaan ayyaanaa ta'ee dubbachuun namootatti himuuf kan ayyaanni filatee muuddateedha.

Egaa dhimma raawwii ayyaanaa kana keessatti biqiloonni kan barbaachisa yoo ta'ullee biqiltuu hundi sirnicha keessati dhimma itti hinba'amu .Akkuma nama keessa ayyaantuun jiru biqiiloota keessas kan ayyaantuu ta'an jiru.Biqiloonni ayyaantuu ta'an sirna raawwii ayyaanaa keessatti qooda yookiin waan fayyadan qabu.

(Maddi afgaaffii Obbo Dirribsaa Akkumaa gaafa 10/07/11 taasifame)

Biqiloonni sirna Ayyaanaa yookiin Qaalluu keessatti ittiin irreeffachuufi jalatti irreeffachuuf tajaajila olaanaa kenna.Biqiloonni sirnicha keessatti tajaajilan kunniin ayyaantuu waan ta'aniif hiika mataa isaanii qabu.Dabalees waan itti fakkeeffamaniifii hariiroo sirnicha waliin warra qabaniidha.

Uummanni Oromoo Aanaa Dirree Incinnii yeroo sirna Ayyaanaa yookiin Qaalluu geggffatu kana uumamaan uumaa isaa kadhata. Ayyaana ijaa hinmul'anne biqiltuu ijaan mul'atan bakka buusuun yookiin waan ijaan argamutti fakkeessee waaqeffata. Uumaa harkaan qabuu hin dandeenye kana uumama harkatti qabachuun uumaaf sagada.

(Maddi Obbo Dirribsaa Akkumaa gaafa guyyaa 10/ 07/ 11)

4.2. Gosootaa Biqiloota Sirna Ayyaantuu Keessatti Fayyadan

Akkuma namoonni hundi Ayyaantuu hin taane, mukeen yookiin biqiloonni hundi ayyaanaaf hin filataman. Biqiloonni ayyaana qaban filatamanii raawwii waaqeffann Qaalluutiif oolu. Biqiloonni kun ittiin galateeffachuuf akkasumas ittiin kadhachuuf, dabalees namootaafi ayyaana ittiin walitti araarsuuf tajaajilu. Gosti biqilootaa Ayyaanaaf yookiin Qaalluuf filatamanii akkaataa armaan gadiitti qaacceffammanii jiru.

(Maddi Obbo Dirribsaa Akkumaa)

4.3. Faayidaa Hindheen Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu

Mukni hindhee ayyeeffannaa yookiin waaqeffannaa warra Qaalluu biratti gahee olaanaa qaba. Biqiloota keessaa adda durummaan kan barbaadamu muka hindheeti.

Ayyaantuun yookiin Qaalluun tokko guyyaa ayyaanni qajeeleefii kaasee ulee hindhee qabata. Ulee hindhee kana qabatee Ayyaantuun kun akka namoota ayyaana kanaaf bulan hin miine abbootii Gadaafi jaarsolii biyyaa duratti waadaa seena.

(Maddi marii garee gaafa 24/07/11 Abbootii Gadaa kan ta'an Obbo Addunyaa Cimdii, Obbo Sadeessaa Dibaabaa,Obbo Dirribaa Maammoofi Obbo Tasfaayee Kabbadaa waliin taasifamerraa)

Abbootiin Gadaas Ayyaanaafi Ayyaantuu akkas jechuun waadaa seensisu.

Yaa Ayyaana kanaa!

Nama filatte kana situ jaallatee.

Maatii isaa hin miidhin……. Hin miidhin

Qabeenya isaa hin miidhin…… Hin miidhin

Dhaltii hin miidhin…… Hin miidhin

Qotiyyoo hin miidhin…… Hin miidhin

Farda lookoo hin miidhin……. Hin miidhin

Karaa malee yoo faraduu baatte….. Hin faradin

Loogii gochuu yoo dhiifte…….. Loogii hin godhin

Lammii hin miitu yoo ta’e…… Hin miidhin

Hin balleessitu yoo ta’e……. Hin balleessin

Hamma abbaa torbaatti hin balleessitu yoo ta’e mo’i! Si moosifneerraa! Jedhanii ayyaana qajeelchuun godoo yookiin galma Qaalluu ijaaranii itti galchu. Guyyaa sanaa eegalee uleen hindhee harka Ayyaantuu keessaa hin bu’u. Ayyaantuun kun baala hindhee baala birootti makuun guyyuu ittiin irreeffata. Gaafa dhiyaatus baala hindhee kana qabatee iddoo itti dhibaafatan sanatti irreeffata.

Itti dabalees namoonni bultee ayyaanaa ta’an marti gaafa ayyaanaafi irreeffachuuf bahan irreessi hindhee tasa keessaa hinhafu.Hindheen kun maqaa biraan illee tajaajila inni qabu irratti hundaa’uun muka irreessaa jedhamee beekama.Yaroo ittiin irreeffatan akkas jechuun ayyaanaaf sagadu.

Irreessa kee yaa irreessakee

Ofuu nooruu siin jedha hiyyessikee---jechaa irreeffarutu.

Yaada olii kun irreessaan waaqatti dhiyaachuu agarsiisa.Akkasumas baala ulfinaa kan ittiin waaqa araarfatan ta’uu hubachiisa.

4.3.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Hindhee

Biqiltuun hindhee biqiloota biroo irraa waan adda isa godhu amala garaa garaa qaba. Uleen hindhee sorooroo yookiin qajeelaadha. Qabannaaf namatti tola. Baalli isaas miidhaginaafi halluun magariisummaa isaa kan baay’ee nama hawwatuudha.

Biqiltuun hindhee yeroo daraaru naannoon sun miidhagina addaa uffata. Daraaraan biqiltuu hindhee foolii miidhagaa qaba; ni urgaa’a jechuudha.

Biqiltuun hindhee kun biqiloota caalaa hongee yookiin caamsaa dandamachuu danda’a. Hagam yoo hongeen bu’e baala hin harcaafatu. Gannaafi bona lalisaadha. Roobes caames yeroo hundaa

laliseetu argama. Yeroo isaa eegee daraaree firii buusa. Warra ittiin irreeffachuuf biqiltuu kana barbaadanitti osoo bifaafi amala hin jijjiirratin tibba kamiyyuu bareedeetu eega. Kun immoo biqiloota biroo irraa adda isa godha.

(Maddi Obbo Sadeessaa Dibaabaafi Obbo Tasfaaye Kabbadaa gaafa 15/ 07/ 11)

4.3.2. Hariiroo Biqiltuun Hindhee Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu

Biqiltuun hindhee dhimma raawwii sirna Qaalluu keessatti uleefi baalasaatu barbaachisa. Qaalluun tokko gaafa qaallomee yookiin ayyaanni qajeeleefii kaasee ulee qabata. Namoonni ayyaana kana qajeelchaniifis ulee kana akka hidhannoo addaatti itti kennu.

Sababiin uleen kun akka waadaatti yookiin immoo akka hidhannootti itti kennamuuf, uleen kun sorooroo waan ta'eef soroorsee, qajeelchee akka namoota ayyaanichaaf bitamanii yookiin qabamanii jiran rakkoo isaanii hiikuuf tajaajila.

Ayyaantuun yookiin Qaalluun ulee hindhee qabachuun dubbiin kee, murtoon kee, ilaalchi kee qajeelaa haa ta'u jechuun hiika itti kennu.

Baalli hindhee kan baala irreessaa ta'ee filatameef Gannaa Bonni isaa waan wal hin caalleef. Yeroo kamiyyuu wal fakkaataadha. Kun immoo kan isaan ayyaanichaan wal qabsiisan, mana ayyaanaa dhaqanii fala hin dhaban jedhu. Ayyaanni yeroo hundaa arjaadha, yoo waammatan nama jalaa hin didu. Yeroo kam iyyuu amala wal fakkaataa qaba jechuun walitti firoomsu.

Daraaraan yookiin abaaboon biqiltuu hindhee daran waan urgaa'uuf; ummata kana walitti urgeessi; wal hin jibbisiisin jechuun ittiin irreeffatu.

Karaa biraan namoonni ayyaanaaf sagadan waan balleessan yakka isaanii himachaa waan sagadaniif namaafi Ayyaana akka walitti urgeessuuf ittiin kadhatu. Ummanni Ayyaanichaaf Gannaafi Bonni isaanii wal hin caalin. Hongeen hin dhahin. Rooba hin dhabin yeroo hundaa itti haa tolu.Yeroo hundaa bareedanii haa mul'atan jechuun biqiltuu hindheetiin wal fakkeessanii amanu.

Gama biraatiin akka oduu duriitti waanti jedhamu jira. Innis akkas jedhama. Barri isaa bara duriiti jedhama.Sababa Waaqayyoon namatti mufateef bokkaan osoo hin roobi waggaa sdii ture jedhama.Achumaa hongee hamaan bu'e.Biqiloonni hundi sababa hongeetiin goggoganii

badan.Yoona kana namoonni waaqatti araaramuuf waliigalanii guyyaa sagadaa murteeffatan.Egaa akkuma beekamu namoonni baala jiidhaa qabatanii waan irreeffatanii muka hongee jalaa hafe barbaada yoo deeman akka tasaa biqiltuu hindeee kan waggaa sadii oliif caama damdamatee bareedee dhaabatu arganii ajaa'ibsiifatanii ittiin irreeffachuu jalqaban.Guyyaa sanaa eegalee hindheen baala irreessaa ta'uun beekamee jedhama.

(Maddi Obbo Sadeessaa Dibaabaa gaafa 15/ 07/ 11 afgaaffii taasifameen)



Suuraa 5. Biqiltuu hindhee (gaafa 02/ 09/ 2011 kn kaafame)

4.4. Faayidaa Birbirsaa Sirna Ayyaantuu Keessatti

Hawaasni Oromoo Aanaa Dirree Inchinnii kanneen Ayyaanaan bulan biqiltuu yookiin muka birbirsaatti ayyeeneffannaan wal qabsiisanii itti fayyadamu.

Muka birbirsaa kana gaafa jalqaba Ayyaanni qajeelee waadaa galu sana galma yookiin godoo ijaaruuf. Galma Ayyaantuu kana yeroo ijaaran osoo muka biroo hin dhaabin utubaa birbirsaa dheeressanii jalqaba dhaabu. Edda birbirsa dhaabanii boodan mukeen biroo itti makuun galma yookiin godoo Qaalluu kana ijaaru.

Galma Qaalluu kana edda ijaaranii xumuranii booda gaafa Ayyaantuu yookiin Qaalluu itti galchan sana garaa garana balbalaatti baala birbirsaa cabsanii suuqu. Edda baala birbirsaa suuqanii booda Ayyaanni gara galma yookiin godoo ijaarameef sanatti seena.

(Maddi Obbo Dirribsaa Maammoofi ObboXuurii Sobbooqsaa gaafa guyyaa 08/ 08/ 11)

4.4.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Birbirsaa

Birbirsi muka, muka caaluudha jedhama. Birbirsa mootii mukaa jedhu. Sababbni isaas muka birbirsaa muka guddaadha. Kana qofas osoo hin taane muka umurii dheeraa qabuudha. Mukni birbirsaa bosona keessaa dheerinaafi guddina isaatiin mukeen biro caaleetu argama. Baalli muka kanaa walqixxaateetu bareedee mil'ata, ni miidhagas. Sababii baalli isaa gobbatee yookiin walitti tuuta'ee jiruuf bineensonni mukarra jiraatan baay'een akka manaatti itti fayyadamu.

Namoonni adamoo deeman, karaa deeman, loon tiksan akka carraa yoo bokkaan itti dhufe muka birbirsaa kana jalatti dheessu; jalatti baqatu. Muka birbirsaa kana ayyaana qabeessa mukaa jedhanii amanu. Utubaa muka birbirsaa kana yeroo mana ijaaran kan dhaabaniif salphaatti biyyoodhaan waan hin nyaatamneef.

Egaa walumaagalatti muki birbirsaa cimina, guddinaafi baala gaarii bareedaa qabaachuu isaatiin mukeen biroo irraa adda ta'eetu sirna Ayyaantuu keessatti filatama.



Suuraa 6 . Birbirsa (gaafa 02/ 09/ 2011 kan kaafame)

4.4.2. Hariiroo Muki Birbirsaa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu

Muka birbirsaa kana akkuma muka Ayyaantuu jedhan hawaasi aanaa Dirree Incinnii sirna Ayyaantuu yookiin Qaalluu hordofan ayyaaneffannaa isaanii keessatti waan baay'een walqabsiisu. Muki birbirsaa muka, muka caalu waan ta'eef akka muka kanaa caalanii akka argaman itti fakkeessaniiti. Muki birbirsaa bosona keessaa mukeen biroo caalee dursee akka mul'atu, caalanii hundatti fagootti akka mul'atan jechuun hiikkatu.

Muki birbirsaa umurii dheeraa waan qabuuf akka muka kanaa umurii dheeraa akka kennuuf Ayyaana kadhatu. Bara dheeraa yaaddoo tokko malee jiraachuu waan fedhaniif. Hawaasi kun kan inni umrii dheeraa jiraachuuf kadhatu baay'inaan biqiltuu dhaabuu jaallata. Biqiltuun dhaabu kun immoo yeroo dheeraatti waan qaqqabuuf waan hojjete kana bu'aa isaa arguuf umrii dheeraa hawwa.

Akkuma muki birbirsaa bineensotaaf dawoo ta'ee jiraachisu, namoonni illee yeroo deeman, bokkaa jalatti dheessan, aduu jabaa jalatti baqatanii oolan, hawaasni Ayyaana kanaan bulu ofirra darbee kan rakkatee itti baqate kan gargaaru haa ta'u. Kan beela'e beela kan baasu yookiin kan nyaachisu, Kan dheebote kan hunsiisu haa ta'u jechuutti fakkeessu.

Walumaagalatti hawaasi Dirree Incinnii Ayyaanaan bulan kan isaan muka birbirsaa kanatti fakkeessan: umuriin duroomuu, qabeenyaan caalanii argamuu, ofirra darbanii ormaaf ta'uu, badhaadhuutti, fayyaa qabaachuutti fakkeessu.

(Maddi Obbo Tirfeessaa Lamii gaafa 11/ 08/ 11)

4.5. Faayidaa Biqiltuun Alaltuu Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu

Alaltuun sirna raawwii Ayyaantuu Yookiin Qaalluu Keessatti baala ittiin irreeffatamn keessaa isa tokkodha. Alaltuun kunis haala lamaan ittiin irreeffatama. Kunis inni tokko ayyaanaaf sagaduuf gara Ayyaantuu yookiin Qaalluu deeman yookiin laga ce'an baala alaltuu lagarra jiru cabsatanii irreessa isaaniitti makatu. Kunis kan ta'eef ayyaana kana barbaacha bu'aa bayii baanee, laga ceenee dhufne jechuu agarsiisa.

Inni biroon alaltuun kun irreessa dubartii jedhamuun beekama. Sababiin isaa dubartoonni warra Ayyaantuu waggaatti yeroo tokko laga deemanii malkaa bishaaniitti irreeffatu. Dubartoonni kun gara malkaa bishaanii irreeffachuuf yeroo deeman dhibaayyuus qabataniiti.

Dubartoonni kun gaafa malkaa bishaaniitti irreeffatan kana irra jireessa baala alaltuu kanaan irreeffatu. Baalli alaltuu tasumaa irreessa isaanii keessaa dhibamuu hin qabu. Dubartoonni kunniin alaltuu kanaan edda laga malkaa bishaaniitti ittiin irreeffatanii gara manaattis baala alaltuu kana cabsatanii galu. Akka mana ga'aniin maatii gidduutti ittiin irreeffatu. Kanaaf alaltuun kun irreessa dubartii jedhamuun beekama.

(Maddi Obbo Dirribsaa Akkumaa 21/08/11)

4.5.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Alaltuu

Muki alaltuu qarqara lagaa irratti biqilee kan argamuudha. Alaltuun Gannas Bonas bishaantu jala yaa'a. Muka umurii isaa guutuu jiidha osoo hin dhabin jiraatuudha.

Muka alaltuu kanaan namoonni muka taajjabduu jedhu. Sababbni isaas qarqara bishaanii yookiin lagaa jiraachuun amala laga sanaa taajjaba. Lagni sun takka guuteetu danbali'a. Takka ammoo gogeetu yaatuu yookiin coree ta'a. Yeroo tibba Gannaa jirma baateetu utaala. Humna cimaa qaba. Bifaanis booruudha. Yeroo tibbi Bonaa itti dhufu immoo lagni kun hangi isaa xiqqaatee, inni booruu ture calaleetu taliila ta'ee yaa'a.

Egaa alaltuun kun amala laga kanaa yeroo inni tibboota waliin jijjiiramu bakka tokko dhaabbateetu ilaala. Yeroo lagni guutee itti rukutamus alaltuun obseetuma ilaala. Akka guutuun bishaanii kun darbu waan beekuuf ni obsa. Obsa guddaa qaba. Kanaaf muka obsa qabeessa jedhama.

(Maddi Obbo Diribsaa Akkumaafi Obbo Sadeessaa Dibaabaa 21/ 08/ 11)

4.5.2. Hariiroo Biqiltuun Alaltuu Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu

Akkuma amalaafi uumama biqiltuu alaltuu mata duree olii jalatti ilaalle hawaasi aanaa Dirree Incinnii isaan ayyaanaan geggeeffaman amala biqiltuu alaltuufi wantoota ittiin walitti firoomsanii baala kanaan irreeffatan qabu.

Akkuma beekamu muki alaltuu lagarra waan jiraatuuf yeroo kamiyyuu, tibba kamiyyuu bishaantu jala yaa'a.Jiidha hin dhabu jechuudha. Namoonni baala alaltuu kanaan irreeffatanis biqila Gannaafi Bona jiidha keessa dhaabbatu kanaan jiidha kadhanna jechuu isaaniiti.

Karaa biraa immoo namoonni ayyaanaaf sagaduuf deeman kan laga ce'an yoo ta'e baala alaltuu kana cabsatanii mallattoo fagootii dhufuu isaanii kan ibsatan yoo ta'u, wanti furmaataaf Ayyaana barbaadaniif sun yookiin rakkoo isaanii daran isaanitti kan ulfaate ta'uu ibsachuudha. Rakkoon isaanitti ulfaate sun Ayyaanichaaf salphaa waan ta'eef ariifadhuu furmaata nuuf kenni jechuudha. Osoo waa hin dhibamin bu'aa bayii baanee; laga ceenee siin hin barbaanne waan ta'eef rakkoo keenyaaf furmaata nuuf kenni jechuu agarsiisa.

Inni biroon immoo biqiltuun alaltuu kun irreessa dubartii kan inni jedhameef dubartootatu ittiin irreeffata waan ta'eef. Sababii dubartoonni biqiltuu alaltuu kanaan irreeffataniif waa lamaaf. Inni tokkoffaan isheen deessuu taate yookiin dhala qabdu ittiin galateeffatti; ittiin irreeffatti. Jiidha kanaan isa jiidha naa kennen galateeffadha jetteetu baala alaltuun irreeffatti. Inni lammaffaan immoo ishee dhala hin qabne yookiin maseena taatetu baala alaltuu kanaan irreeffata. Isheenis sababiin isheen ittiin irreeffattuuf inni biqiltuu alaltuu kana Gannas Bonas jiidha keessa dhaabe ilmoo akka kennuuf fincaan ijoolleen akka jijiisu jiidha kana qabattee ayyaanaaf irreeffatti. Ilmoon na jiisi; jiidha na agarsiisi jetteetu baala kana qabattee malkaatti irreeffatti. Jiidha qabattee jiidha kan kadhattu ta'uu agarsiisa.

(Maddi Aadde Almituu Dhaabasaa gaafa 21/ 08/ 11)

Qalqala limmootu tolcha Gagala imootu tolcha

Ilaa yaa Ayyaana abbaako ----------oofuu

Ilaa yaa ayyaana haadhako----------oofuu

Jiidha qabadheen----------oofuu

Jiidha sikadhadha----------oofuu

Ilmoon na jiisi----------oofuu

Jija na agarsiisi----------oofuu

Ilmoo nagaa na hammachiisi----------oofuu

Wareega na qaqqabsiisi----------oofuu jedhu

(Maddi Obbo Diribsaa Akkumaafi Obbo Sadeessaa Dibaabaa 21/ 08/ 11)

Irreessa alaltuu qabatanii Ayyaanaaf sagadu.Ilmoon eebba waaqaa waan ta'eef.

Gama biraatiin sababiin baalli yookiin biqiltuun alaltuu irreessa dubartii ta'eef raawwii sirnichaa keessatti dubartoonni gaafa laga deemanii malkaatti irreeffatan looniif kadhatu. Akkuma biqiltuun alaltuu kun yeroo hundaa jiidha hin dhabne; waan elmannu nun dhowwatin, okoleen keenya jiidha hin dhabin, harki elmuu bare kun hin qoorin jechuudhaan walfakkeessaniitu baala alaltuu kanaan irreeffatu.

Walumaagalatti sirna raawwii Ayyaantuu yookiin Qaalluu keessatti biqiltuu alaltuu kana qabeenya, ilmoofi looniin walitti fakkeessaniitu ittiin Ayyaana kadhatu. Akkasumas ittiin galateeffatu.

4.6. Faayidaa Biqiltuun Ejersaa Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu

Hawaasa Oromoo aanaa Dirree Incinnii kanneen Ayyaanaan bulan biratti ejersi muka jalatti dhibaafataniifi jalatti irreeffataniidha. Ejersi dhibaayyuu kun 'Ejersa Waloo' jedhamuun beekama. Ejersi kun kana ejersa biroo irraa adda kan godhu akkaataan uumama isaa illee adda akka ta'eedha. Ejersa Ayyaanaa ta'ee kan inni beekameef Ayyaanatu akka addaatti mukeen biroo keessaa filatee nuu kenne jedhanii amanu.

Seenaan Ejersa Waloo muka Oodaati. Sababiin isaa akkaataa inni itti biqilee guddate irratti hundaa'uun muka Ayyaanaa jedhame. Ejersi kun dheerina umuriitiin akaakayyuu saddeet kan lakkoofsise yoo ta'u, kan inni keessaa biqilee guddate cumaa korma Ayyaanaaf qalamee keessaati. Kanas akka durii duriitti akkas jechuun dubbatama. Jabana durii Ayyaanaafi namoonni walitti bu'anii turan. Sababa mufiin namootaafi Ayyaana gidduutti uumameen rakkoo guddaatu ta'e.. Ayyaanni sababa galma dhowwataniif namootatti balaa adda addaa itti fide. Dheekkamsa garaa garaa itti buuse. Qotanii galfachuu dadhaban. Horiin, fardeen dudu'anii dhuman. Namootattis dhibee adda addaatu itti dhufe. Yoona kana namoonni walitti dhufanii Ayyaana kana araarfachuu murteessan. Sanaan booda tulluutti ba'anii korma sagal qalanii Ayyaana araarfatan. Bakka isaan Ayyaana kana araarfachuuf korma itti qalan sanaa Ejersi kun biqile. Tulluun isaan irratti korma qalanii Ayyaana araarfatan kun Tulluu Waloo waan jedhamuuf ejersi biqile sun 'Ejersa Waloo' jedhame. Ayyaanni achitti itti sagadamu sunis 'Gooftaa Waloo' jedhamee mogga'e. Muki ejersaa kun haala dinqisiisaa kanaan waan biqileef hamma har'aatti jalatti irreeffatama. Muka Oodaa jedhamee kabajama.

Muki ejersaa kun muka Ayyaanaa waan ta'eef abbaan arge deemee jala hin taa'u. Warra Ayyaantuutu jala taa'anii murtii garaa garaa kennu. Namoonni wareega adda addaa qaban ejersa kana jalatti dhaqanii galchu. Namoonni ayyaana walitti waamaniiru yoo ta'e muka Ejersa Waloo kana jalatti deemanii wal hiiku. Kan Ayyaana mufachiises yoo jiraate ejersa kana jalatti bunaafi qarshii adda addaa qabatee Ayyaanaaf sagadee dhiifama gaafata. Haala kanaan Ayyaannis karaa Ayyaantuu waan irraa barbaadu fudhatee dhiifama godhaaf.

Gama biraatiin Ejersi Waloo kun akka galmaatti tajaajila. Warri Ayyaantuu ta'an yookiin Qaalluun muka ejersaa kana jala taa'anii gaaffii namootaaf deebii kennu. Kan wal lolanis walitti araarsu. Dhugaa jiru qajeelchu.

Walumaagalatti Ejersi Waloo kun muka Oodaa ta'ee kan jalatti irreeffataniifi dhibaafatan ta'ee hanga ammaatti hawaasa naannoo Dirree Incinnii Ayyaanaan geggeeffaman tajaajilaa jira.

(*Maddi marii garee gaafa 24/ 07/ 11 Obbo Dirribaa Maammoo, Obbo Addunyaa Cimdii, Obbo Sadeessaa Dibaabaafi Obbo Tasfaayee Kabbadaa waliin taasifame)*



Suuraa 7. Ejersa (gaafa 02/ 09/ 2011 kan kaafame)

4.6.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Ejersaa

Ejersi mukeen biroo irraa amala adda isa taasisu qaba. Innis muki ejersaa muka baay'ee guddaafi umurii dheeraa jiraatuudha. Dabalees muki kun yoo muruuf yookiin falaxuuf yaalan akka salphaatti hin muramu, hin falaxamus. Muka baay'ee jabaataadha.

Muki ejersaa mukeen daraaranii firii buusaniidha. Firii isaa kanas akka qorichaatti itti fayyadamu. Muki ejersaa kun baay'ee waan urgaa'uuf qodaa aannanii ittiin qoraasu. Yeroo daraarus lubbu qabeeyyii hedduun daraaraa xuuxan kanneen akka kanniisaa achirratti wal ga'u. Kunis sababa daraaraan isaa urgaa'uuf.

Muki ejersaa muka yeroo kam iyyuu baala hin harcaafanneedha. Gannaafi Bona laliseetu argama. Muka hongee dandamachuu danda'uudha. Muka simboo yookiin ayyaana qabuudha.

Walumaagalatti muki ejersaa muka jabaa yookiin cimaa, umurii dheeraa qabu akkasumas daraaraan isaa namatti toluufi kan muki yookiin falaxaan isaa urgaa'u akka qayyaatti mana Ayyaantuu yookiin Qaalluutti aarsuuf kan fayyaduufi kanneen biroof kan oolu ta'uu isaati.

4.6.2. Hariiroo Biqiltuun Ejersaa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu

Muki ejersaa bakka Waloo jedhamutti biqilee guddatee jiru kun Ayyaanaafi Ayyaantuu waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Maqaan ejersa kanaa Ejersa Waloo akkasumas Muka Ayyaanaa jedhameetu beekama. Ejersi kun kennaa Ayyaanni hawaasa Ayyaanichaaf sagadaniif kenname waan ta'eef galma sagadaa godhatanii jalatti irreeffatu.

Ejersi muka guddaafi cimaa waan ta'eef Ayyaanni muka kana nuuf kenne cimaadha, guddaadhas jedhamee amanama. Gama biraan muki kun waan urgaa'uuf yookiin foolii gaarii waan qabuuf hawaasi Ayyaana kanaan bulan akka walitti urgaa'an, wal jaallataniifi wal hin nuffineef muka kana jalatti Ayyaana kadhatu, galatas galfatu.

Ejersi muka guddaa hidda gadi fagoo qabu waan ta'eef qilleensi raasee hin jigsu. Kunis rakkinni, balaan tasaa nun sochoosin, akka muka ejersaa kanaa hundee nu jabeessi, cimsii nu dhaabi jechuun hiika itti kennuun cimina ejersaatti firoomsanii muka ejersaa jalatti Ayyaanaaf sagadu. Muka Ayyaanaa taasisaniis kabaja addaa kennuuf.

Walumaagalatti ejersa ciminaan, urgaa'inaan, hidda gad fagoo qabaachuun, umurii dheeraa qabaachuun akkasumas muka hongee dandamatu ta'uu isaa haalaafi hawwii isaaniitti firoomsuun muka oodaa taasifatan.

(*Maddi marii garee gaafa 24/ 07/ 11 Obbo Dirribaa Maammoo, Obbo Addunyaa Cimdii, Obbo Sadeessaa Dibaabaafi Obbo Tasfaayee Kabbadaa waliin taasifame irraa*

4.7. Faayidaa Biqiltuun Anfaaraa Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu

Anfaarri muka yookiin baala guyyaa sirna ayyaaneffannaa ittiin irreeffatamu keessaa isa tokkodha. Baalli anfaaraa yeroo sagada Ayyaanaas ta'e irreessa Ayyaanaa biraa hin hafu. Gaafa Ayyaanaas aarsaa yookiin ciincuu dhiyeessan qoraan anfaaraa bobeessuun foon aarsaaf yookiin ciincuuf qalame kana ittiin waadu. Muka anfaaraa baallaa yookiin aanquu ta'e muranii foon ciincuu irra naquun guggubanii Ayyaanaaf aarsaa dhiyeessu.

Muka anfaaraa kana warri Ayyaanaan bulan mooraa yookiin moonaa horiin itti galan keessa makuun ijaaru. Dallaa Galma Ayyaanaas muka anfaaraa itti makuun ijaaru. Muki anfaaraa kun dallaa Galma Ayyaanaa keessaa hafuu hin qabu. Muka oodaa yookiin muka Ayyaanaa waan ta'eef itti makamuu qaba.

(Maddi Obbo Hiiksaa Oliifi Obbo Dirribsaa Akkuma gaafa 24/ 08/ 11)

4.7.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Anfaaraa

Muki yookiin biqiltuun anfaaraa uumama biqiloota biroo irraa adda isa taasisu qaba. Addummaan amala yookiin uumama muka yookiin biqiltuu anfaaraa kun sirna waaqeffannaa warra Qaalluu keessatti akka filatamu isa taasisee jira. Amala dhuunfaa biqiltuun anfaaraa kun qabu walduraa duubaan akka armaan gadiitti tarreeffamee jira.

Amalli anfaarri qabu keessaa inni tokko lafa kan hin tuffanne, bakka argetti kan margee guddatuudha. Lafa furdaas haphiis kan hin tuffanneedha. Dabalataanis biqiltuu hongee dandamatu yoo ta'u, tibba kamiyyuu laliseetu argama.

Biqiltuun anfaaraa yeroo kamuu baala hin harcaafatu. Yeroo isaa eegee daraara. Baddaa, Badda_dareefi Gammoojjii osoo hin jenne bakka hundatti walqixxee margeetu argama. Qilleensi kamiyyuu isa hin jijjiiru.

Hawaasi keenya duratti osoo saamunaan ammayyaa kun hin dhufin baala anfaaraa sukkuumanii oomacheessuun ittiin uffata miiccachaa turan. Xurii baasuuf oola jechuudha.

Muki yookiin biqiltuun anfaaraa bakka itti biqilee jiru sanaa akka salphaatti hin badu. Yoo muran illee hiddi isaa lafa keessatti hafe deebi'eetu marga. Hiddi xiqqoon lafa keessatti miliqxee yoo hafte deebitee battaluma sana margiti.

Gama biraatiin biqiltuun anfaaraa yoo muranii dallaa godhanii dhaaban deebi'ee marga. Biqiltuun kun karaa sadii marguu danda'a. Kunis inni duraa firiin isaa bakka itti harca'ee ni biqila. Inni lammaffaan biqiltuu isaa yoo dhaaban ni marga. Inni kan biraan muranii yoo dhaabanis hidda godhatee latee lafa qabata. Kun immoo uumama biqiloota biroo irraa adda isa taasisa. Qe'ee warra Ayyaantuu keessaas tasa dhibamuu hin qabu. Warri Ayyaantuu yookiin Qaalluu ittiin irreeffachuuf baala anfaaraa barbaachaaf bakka biroo hin deeman. Sababiin isaa anfaarri bakka hundatti marguu waan danda'uuf qe'ee isaanii keessa muka irreessaa jedhanii dhaabbatu.

(Maddi Obbo Hiiksaa Oliifi Obbo Dirribsaa Akkuma gaafa 24/ 08/ 11



Suuraa 8 Hanfaaraa (gaafa 02/ 09/2011 kan kaafame)

4.7.2. Hariiroo Biqiltuun Anfaaraa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu

Sirna waaqeffannaa Qaalluu keessatti biqiltuu anfaaraa waan baay'een walqabsiisaniitu muka yookiin biqiltuu oodaa taasifatu.

Hawaasi Oromoo Aanaa Dirree Incinnii kanneen Ayyaanaan bulan kan isaan baala anfaaraa kana irreessaaf filataniif, anfaarri lafa hin tuffatu, bakka hundatti marga, yoo murani hin badu, hiddi isaas boolla keessatti hafeetu marga. Kanaaf hawaasichis lafti nuti irra jiraannu nutti hin badin, kan irra facaafne nuuf haa magarsu, hamaan, balaan tasaas nun danda'in. hongee keessa nu dabarsi, rooba hamaan nun miidhin, kan facaafne nuuf haa margu, sanyiin faca'e lafa keessatti hin hafin, kan biqile firii gaarii haa buusu jechuun baala anfaaraa kanaan irreeffatu.

Itti dabalees loon isaanii marga dheedu hin dhabin. Kan loon keenya dheedu Gannaafi Bona haa margu jedhaniitu looniif Ayyaana kadhatu. Yeroo hongee yookiin caamaa loon isaanii baala anfaaraa waan dheechisaniif loon isaaniif muka anfaaraa dallaa godhuuf yookiin taasisuuf.

Anfaarri muka qilleensa Baddaa, Badda dareefi Gammoojjii osoo hin jenne bakka hundatti marguudha. Qilleensa hin filatu. Kanas kan isaan itti fakkeessan hawaasi Oromoo bakka hundaa qubatee jiru bakki itti haa tolu, horii yookiin loon isaaniitti hin badin, nama isaaniitti hin badin, hundatti haa tolu jechuun walqabsiisu.

Muki anfaaraa muka hiddi isaa lafa keessaa hin badne waan ta'eef, qacceen yookiin sanyiin keenya hin haphatin, hin badin, hin miidhamin jechuun baala anfaaraa kanaan irreeffatu.

Amala anfaaraa keessaa tokko muranii yoo dhaaban waan qabatuuf dallaa manaas yoo ta'e kan loonii keessa darbanii darbanii dhaabu. Muki anfaaraa kunis qabatee, lateetu muka ta'a. Kana immoo kan isaan ittiin walqabsiisan duuti akka isaan hin balleessineedha. Dhibee hamaan itti dhufee namaafi loon isaanii akka hin fixne; du'a daandii irra jiru akkasumas du'a tartiiba qabatee deemu akka ta'uuf walfakkeessanii anfaara kanaan irreeffatu.

Walumaagalatti anfaaraan kan walqabsiisan umurii dheeraa jiraachuu, bakka hundaatti akka itti tolee jiraatan, kan facaasan akka margu, loon isaanii akka horu, duuti hamaan akka itti hin dhufne, horanii akka baay'atan, Gannaafi Bona jireenya walfakkaataa akka jiraatan hawwii isaanii kana Ayyaana ittiin kadhatu. Kun immoo ayyaaneffannaa warra Qaalluu yookiin Ayyaantuu keessaa isa tokkodha.

(Maddi Obbo Hiiksaa Oliifi Obbo Dirribsaa Akkuma gaafa 24/ 08/ 11)

4.8. Faayidaa Biqiluun Sariitii Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu

Hawaasa Aanaa Dirree Incinnii kanneen Ayyaanaan bulan biratti biqiltuun sariitii akka muka hoodaatti kan ilaalamuudha.Biqiltuun ariitii kan ittiin irreeffatan yoo ta'u;yeroof bakka itti irreeffatamu qaba.Biqiltuu kanaan kan irreeffatamu yeroo hundaa osoo hintaane yoo rakkoon addaa kan akka hannaa,moraafi dabi addaa addaa hawaasa keessatti deddeebi'ee yoo mul'atu kan ittiin irreeffatamu biqiltuu sariitii kanaan.

Sirna raawwii ayyaantuu keessatti biqioota biroon kan irreeffatamu hiikuuf yookiin furuuf ,galateeffachuuf,akkasumas kadhachuuf yoo ta'u biqiltuun sariitii garuu faallaa kanaati.Biqiltuu ariitiin kan irreeffatamu hidhuuf yookiin qabuuf kan ittiin irreeffatamuudha.Irreessi bifa akkanaa kunis labssiidhaan kan geggeeffamu ta'a.Kunis kan ta'u hawaasicha keessatti rakkoon hannaa yookiin moraa deddeebi'ee biyyicha keessatti mul'ate ;hawaasichi walga'ee gara warra ayyaantuu deemuun furmaata gaafata.Ayyaantuun kunis edda yaada yookiin himata hawaasaa hubatee guyyaa isaan itti irreeffatan murtessaaf.Gaafa murtee kanaas tokkoo tokkoon isaanii kan ittiin irreeffatan 'biqiltuu sariitii'qabatanii akka dhufan jamaa sanatti himama.Guyyaa jedhame kanatti hunduu baala yookiin biqiltuu sariittii qabataniibakka walbeellamanitti deemanii irreeffatu.Yaroo irreeffatan kanas waan jedhanii irreeffatan qabu.

Isgoo jennaa isgoo----------Isgoo

Hattuun hin oofkalin----------Isgoo

Akka biqiltuun kun bilaa biro irraa adda ta'e----------Isgoo

Hattuun Mortuun hawaaasa kanakeessaa----------Isgoo

Adda haabaatu----------Haabaatu

Akka biqiltuun sariitti ----------Isgoo

Gadi malee oi hinguddanne----------Isgoo

Hattuu Mortuun ----------isgoo

Gadi malee ol hin guddatin----------Hinguddatin

Daraartee hinmul'atin----------Hinmul'atin

Firii hingodhatin----------Hingodhtin

Sariitii qabannee----------Qabannee

Hattuu nuuqabi waaqi----------Nuqabi Waaqi

Gadi jennee lafa qabannee ----------Nuuqabi Waaqi

Ol jenne harka sitti qabnee----------Nuuqabi Waaqi

Nuti kana beeknaa----------Situ beekaadha Waaqi jechuun irreeffatu.

Edda kana raawwatanii booda bala biqiltuu sariitii ittiin irreeffatan kana fuudhanii galanii balbala mana isaaniitti suuqu.kaan ammo bakka 'Galchaa Ayyaanaa'kaa'u "Yaa ayyaana kanaa hattuu kana qabi" jechaa kaa'u.

Gama biraatiin faayidaan biqiltuu sariitii gaafa ijoollee dhaqna qaban yookiin kittaanan akka gaaddidduu itti hintaaneef balbala manaa gubbaatti suuqu.Kana gochuun isaanii madaan ijoollee kittaanamtee sun madaa'ee akka hinrakkifne 'gaaddidduu'akka itti hintaaneef tajaajila. Budaan, mortuun, inaaftuun oofkaltee bira hindabartu jedhama.Dhoruuf deemtee dhoramti jedhamee amanama.

Itti dabalees hawaasi Oromoo kanneen ayyaanaa bulan ganna midhaan isaanii facaasanii ennaa xumuran bakka midhan bareedee biqile,bareedee daraare,bareedee bilchaate hundaa hundaa keessa deemanii,drbanii darbanii baala sariitti cabsanii dhaabu.Kana jechuun midhaan facaasan sana iji mortuu,iji budaa,iji hinaaftuu arguu hin dandain jechuu dha.Iji hintaane kunniin baala sariittiirra darbee hinilaalu.

Biqiltuun sariitii baala isaa affeelanii bihaan isaa mana keessa firfirfatu.akka amantaa warra waaqeffanaatti yoo kana godhan mortuun olla jirtu nibaqatti jdhamee amanama.Biqituu sariitii cabsanii maasii keessa dhabuun akka namni daandii godhatee keessa hindeemne agarsiisa.Sariitirra darbanii hindeeman.Irra qaxxaamuranii hindarban.Sariitiin biqiltuu hoodia waan ta'eef.

(Maddi Obbo Dirribsaa Akkumaa gaafa 24/ 08/ 11)



Suuraa 9 Biqiltuu Sariitii (gaafa 07/ 09/ 2011 kan kaafame)

4.8.1. Amalaafi Uumama Bqiltuu Sariitii

Biqiltuun sariitii amala inni qabu jookiin biqiltuu biro irraa waantonni adda godan nijiru.Biqiltuun kun akka biqiloota biro bakka hundaatti margee hinargamu.Darbee darbee mul'ta.Akka biqiltuu biro daraaree hin bareedu.Biqiltuun kun ol guddatee jilba hidarbu. 'Jilba hindarbin' jechuun Afoola oromoo keessaa gosa abaarsaa jedhama.

Biqiltuun sariitiilafa keessatti asii gadi guddata malee ol hinguddatu.Amma asii gadi guddatu aii ol hinguddatu.qaama issaarraa waan akka qoree ofirraa qaba.qoreefi baalli isaa adda hinba'u.Walkeessa xaxamee lafatti gadi dhiyaatee ta'a.Horiin hindheeddu. Lafa hinfurdisu.Iddi isaa lafa keessatti asii gadi waan guddatuuf biqiloota biro jalaa nyaata xuuxee fixuun biqiltuu biroo dhora.kanaaf fira biqiltuu miti jedhamee beekama.Yeroo baay'ee biqiltuu biroowaliin michoomrr yookiin olloomee jiraachuu hin fedhu.

Walumaa galatti biqiltuun sariitii kan hindaraarre,olkan hinguddanne,qoree kan qabu,biqiltuu biro waliin olloomee yookiin michoomee kan hinjiraanne,horiin kan hinnyaaneefi biqiltuu walkeessa xaxamtuu yookiin hidhamtuu kan ta'e ta'uu hubanna.

(Maddi Obbo Dirribsaa Akkumaa gaafa 24/ 08/ 11)

4.9. Faayidaa Biqiltuun Abbayyii sirna Ayyaantuu keessatti Qabu

Biqiltuun Abbayyii sirna raawwii ayyaaneffannaa warra ayyaantuu keessatti akka muka hoodatti kan ilaalamuudh.

Biqiltuu abbayyii kana gaafa ayyaanaf ciincuu qalan (ciincuuf kan ta'u korma yookiin korbeessa qalan) baala abbayyii baballii yookiin caffee wajjin walmakuun afanii irratti qalu. Dhiiga horii yokiin korma qalame kanaa baala abbayyii kanaan jaariitti facaasu.Qoraan muka abbayyii kana funaananii foon ciincuu ittiin waadu.

(Maddi Obbo Mirreessaa Yaadataafi Obbo Tirfeessaa Lamii gaafa 30/ 08/ 11)

Gama biraatii namoonni ayyanan bulan kun biqiltuu abbayyii akka qorichaatti itti tajaajilamu.Innis qoricha budaati jedhamee waan amanamuuf namoonni ijoolleefi waatii isaanii budaan akka hinnyaanneef biqiltuu abbayyii dallaa yookiin maaraa isaanii keessa dhaabbatu.Yoo kana ta'e iji budaa biqiltuu abbayyii kanarra ce'ee daa'imaafi waatii isaanii hinargatu jedhamee amanama.



Suuraa 10 Abbayyii (gaafa 07/ 09/ 2011 kan kaafame)

4.9.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu Abbayyii

Biqiltuun abbayyii amaloonni inni ittin biqiloota biro irraa adda taasisu keessaa tokko daddafee guddachuu isaati.Abbayyiin dhaabbatee waggaa muraasa gidduutti muk guddaa ta'a.

Gama biratiin biqiltuun abbayyi muka gara laafessa jedhama.sababiin isaas yoo dhaaban dafee qabata.Yoo muran qotto jala hin dhaabatu;laafaadha,dafee murama.Baalli isaa baballaafi cululuqaadha.Baala bareedaa qaba jechuudha.

(Maddi Obbo Mirreessaa Yaadataafi Obbo Tirfeessaa Lamii gaafa 30/ 08/ 11)

4.9.2. Hariiroo Biqiltuun Abbayyii Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu

Biqiltuun abbayyii amala gara laafummaa qaba.yoo dhaaban dafee lafa qabata. Akkasuas dafee guddate muka guddaa ta'a.Kanaafuu budaan,mortuun,inaaftuun gara jabinaa nama miidhiif deemtu yoo biqiltuu abbayyii argite daftee rifattee isa gochuuf deemtu dhiiftee yookiin gaabbitee deebiti jedhameetu amanama.

Dabalees korma ciincuuf ayyaanaaf yoo qalan baala abbayyii jala hafaniitu.Kunis kan inni agarsiisu aarsaa siif dhiyeessine kana osoo hintuffatin garaa nuu laafii nu harkaa fudhadhu jechuu agarsiisa.Qoraan muka abbayyiis yoo caccabsan dafee caccaba.Yoo bobeessanis dafee abiddi qabata.

Walumaagalatti biqiltuun abbayyii garalaaffessa waanta'eef inni kadhatanis garaa laafee akka kadhatamuuf,kan jibbanis dafee akka irraa deemu kan barbaadan dafanii akka argataniif biqiltuu abbayyiitti fayyadamu.

(Maddi Obbo Mirreessaa Yaadataafi Obbo Tirfeessaa Lamii gaafa 30/ 08/ 11)

4.10. Faadaa Biqiltuun Kalaalaa Sirna Ayyaantuu Keessatti Qabu

Kalaalaan biqiltuu sirna raawwii ayyaanaa keessatti dhimma itti bahamuudha.Sirnicha keessatti akka biqiltuu hoodaatti ilaalama.Biqiltuu kalaalatti kan fayyadamu warra ayyaantuu osoo hinta'in warra bultee ayyaanaatu akka mallattootti itti fayyadama.Kunis namoonni bultee ayyaanaa ta'an gaafa sagadaaf gara galma ayyaanaa deeman soomaan oolantu hidda kalaalaa

ciratee mataatti maratee gara galmichaa seena.Kunis kan inni ibsu soomaan yookiin midhaaniifi bishaan lagatanii ayyaanaaf sagaduuf akka dhufan agarsiisuufiidha.

Gama biraatiin faayidaa biqiltuun kalaalaa saddeeta saddeetaan gaafa ayyaanaaf korma qalan,korma qalmaaf yookiin ayyaanaafi aarsaa ta'uuf dhiyaate kana gaanfa isaatti maranii dhiyeessu.Yeroo kana akka akka ayyaanichi simatee fudhatuuf akkas jedhanii dalagu.

Yaa Nabi nooraa

Kormi kee kalaalaa siimarate yoonaa

Si waamne hoo si waamne

Yaa abbaa kormaa dhiyaadhu

Risaa waaqaa fakkaadhuu dhiyaadhu

Jechuun korma dhiyaate sanatti kalaalaa maruun ayyaanaaf sagadu.Yeroo kana jedhan korma mallattoo adda qabu, kan mataatti kalaalaa maran sana kan ayyanichaa ta'uu beeksisaa ayyaanichi akka gammadee harkaa fudhatuuf sagadu.

(Maddi Aadde Alamituu Dhaabasaafi Obbo Dirribsaa Akkumaa gaafa 14/ 07/ 11)

4.10.1. Amalaafi Uumama Biqiltuu kalaalaa

Biqiltuun kalaalaa amaloota biqiltuu biroo irraa adda isa taasisu niqabaata.Biqiltuun kalaalaa sirna raawwii ayyaantuu keessatti akka biqiltuu hoodaatti kan amanamu ta'uun isaa amaloota inni qabu irraa ka'aniitu.

Biqiltuun kalaalaa of danda'ee akka mukaatti kandhaabbatu osoo hintaane lafarra yaa'a. Yoo cina isaatti muka argates itti maramee ol ka'a.Baalli isaa boca babbareedaa kan qabuufi qoreefi waan akka qoree kan ofirraaa hinqabneedha.Biqiltuun kun lafa kan hintuffanneefi baay'inaan migira keessatti kan marguudha.Bifi isaa magariisa qulqulluu kan hintaaneefi baala isaa irraatti sararoota diddiimoo ofirraa qaba.Kun immoo miidhagina isaa dabalaaf.Muka yookiin biqiltuu ofdand'ee dhaabbatu olla isaatti yooargate itti maramee qabatee ol ka'a.

Walumaa galatti biqiltuun kalaalaa amala dhuunfaa isaa qabaachuu isaatiin kanneen biro irraaa adda ta'eetu biqiltuu hoodia ta'ee dhimmoota raawwii sirna ayyaantuu keessatti filatamee argama.

(Maddi Aadde Alamituu Dhaabasaafi Obbo Dirribsaa Akkumaa gaafa 14/ 07/ 11)



Suuraa 11 Biqiltuu kalaalaa (gaafa 07/ 09/ 2011 kan kaafame)

4.10.2. Hariiroo Biqiltuun Kalaalaa Sirna Ayyaantuu Waliin Qabu

Biqiltuun kalaalaa raawwii sirna ayyaantuu keessatti gahee haaqabatu malee ddhimma irreeffannaa keessatti gahee hinqabu.Faayidaan isaa inni guddaan akka mallattoo yookiin isa tokko kanneen biro irraa adda baasuuf tajaajila.Fakkeenyaaf,gaafa ayyaanaaf sagaduuf deeman warren kalaalaa mataatti marataniif hinmaranne tokko miti.Warreen kalaalaa maratanii sagadaaf deeman namoota soomaan oolanii ayyaana kadhachuuf dhaqan waan ta'eef edda isaan sagadanii xumuranii achitti yookiin bakka galma ayyaanaatti sooma hiiksisu.Gaafa korma ayyaanaaf dhiyeessanis horii biro waliin oofanii yoo geessan kan keessaa kalaalaa maran sana kan ayyaanaa

ta’uuagarsiisuuf tajaajila.Gama biraatiin baalli isaa mucucaataa waan ta’eef rakkoo tokko malee mataatti akka maratan gargaara.

Walumaa galatti biqiltuun kalaalaa akka mallattootti namoota namootarraa,korma ayyaanaa loon biro irraa adda baafachuuf gargaara.

4.11. Faayidaa Baballiin Sirna Ayyaantuu keessatti qabu

Baballiin raawwi sirna ayyaantuu keessatti kan dhimma itti bahan keessaa isa tokkodha.Haata’u malee akka biqiltuu kaawwanii kan ittin irreeffatan yookiin jalatti irreeffatan miti.Faayidaan isaa guyyaa dalagaas ta’e gaafa ayyaanaaf buna dhaaban mana keessa firfirsu.Kunis kan ta’uuf manichi miidhagee ayyaanatti akka toluuf jedhamee amanama.

Faayidaan baballii inni biroon gaafa ayyaanaaf korma qalan yookiin aarsaa dhiyeessan baballii kana hafanii irratti qalu.Sababiin isaas baballiin caffee irratti dhiiga buusnii ayyaana araarfatan waan ta’eefiidha.Yoo baballii irratti dhiigi kormaa dhangala’e ayyaanni gammadee dafee bu’a .Aarsaa dhiyaateef nisoorata.Namootattis ni araarama.

Baballii caffee araaraa kan namaafi ayyaana walitti araarsuuf biqiltuu filatameedha. Namoonni ayyaanaan bulan illee mana mana isaaniitti buna ayyaanaa yoo dhaaban bakka shiniifi jabanaa jala baballii kana firfirsuun akka ayyaanatti tolu godhu.



Suuraa 12 Biqiltuu baballii (gaafa 07/ 09/ 2011 kan kaafame)

4.11.1. Amalaafi Uumama Baballii

Biqiltuun baballii gasa biqiltuu bishaan biratti biqilan keessaa isa tokkoodha.Baballiin lafa jiidha qabutti malee hinmargu.Yoo biqilee lafaa olka'us osoo asiifi achi hindabin muxee olbaha.Baalli isaa sorooroo ta'eetu ol guddata.Mana keessa yoo hafan namati tola; nimiidhaga.Miidhagina isaa irraa kan ka'e namoonni hunduu guyyaa ayyaanaa mana isaanii keessa firfrfatu.Kunis baballiin miidhagaa waan ta'eef.

Baballiin laga gubbaatti waan marguuf gannafi bona bishaantu jala yaa'a.Tibba kamiyyuu jiidha hin dhabu.Yeroo mara bareedeetu argama.Haalli qilleensaa kam iyyuu isaaf mijataadha.

Biqiltuun baballii hariiroo inni ayyaana waliin qabus baballiin lagarraa akka hindhabamne ayyaannis bakka jiidhaan kadhatanii hindhabamu jecuunwalfakkaata. Caffeen sorooroo yookiin qajeelaa waan ta'eef qajeelummaan ayyaana qajeelaa ta'e kana baballii lafa hafanii ayyaana simachuun sagaduuf gargaara.

(*Maddi marii garee gaafa 24/ 07/ 11 Obbo Dirribaa Maammoo, Obbo Addunyaa Cimdii, Obbo Sadeessaa Dibaabaafi Obbo Tasfaayee Kabbadaa waliin taasifame)*

4.12. Faayidaa Saardoon Sina Ayyaantuu Keessatti Qabu

Hawaasa Oromoo Aanaa Dirree Incinnii kanneen bultee ayyaanaa ta'an biratti coqorsi raawwii sirna ayyaantuu keessatti faayidaa addaa addaa qaba.

Saardoon sirna irreeffanaa ayyaanaa keessatti yeroo mara itti fayyadamu.Yeroo kamiyyuu keessaa dhabamuu hinqabu.Irreessi coqrsaan irreeffatamu kun akkaataa irra jalummaa qabuun yookiin angafaa quxusuun, ayyaanaafi namaaf.dacheefi tulluuf malkaafi muka hoodaaf ittiin irreffatama.

Irreessi saardoo sirna ayyaantuu keessatti bifa lamaan irreeffatama.Kunis:sagadaaf yookiin waaqeffachuufi kabajaaf irreeffatama.Warreen bultee ayyaanaa ta'anii gara manaa yookin galma ayyaanaa deeman irreessa coqorsaa kana harkatti qabatanii dhaquun, jalqaba ayyaanaaf bifa galateeffachuun coqorsan irreeffatu.

Gama biraatiin namoonni gara warra ayyaanaa deeman warren ayyaantuu ta'aniif coqorsa harkatti qabachuun miilatti kufanii 'isiniif marga qabna' jechaa kan kabajaa irreeffatuuf.

Walumaa galatti faayidaan coqorsaa sirna raawwii ayyaanaa keessatti kan itti irreeffatu ta'ee yeroo hundumaa baala irreessaakaan biraa kan hinhafne ta'uufi marga hoodia ta'uu issati.

4.12.1. Amalaafi Uumama Saardoo

Saardoon amala mataa isaa kan biqiltuu biroo irraa adda isa taasisu qaba.Biqiltuun saardoo gosa margaa kan lafarra yaa'uudha.Ammuma lafarra dheerachaa deemu idda lafatti naqatee lafa qabachaa deema.Bakka jilbeenfate hundaatti idda baafata.Akka tasaa ta'ee yoo addan cite illee inni irraa cite sun osoo hingogin lafuma yookiin bakkuma itti cite sanarraa ka'ee idda godhachuun lalisuu jalqaba.Saardoon bakka itti margee jirutti sirriitti waan lafa qabatuuf buqqisuun yookiin aramuun ulfaataadha.

(Maddi Obbo Addunyaa Cimdiifi Obbo Sadeessaa Dibaabaa gaafa 24/ 07/ 11)

Saardoon gannaafi bonni isaa walhicaalu.Yeroo kamiyyuu,tibba kamiyyuu bifuma walfakkaatuun lalisee argama.Namoonnii ittiin irreeffachuuf barbaadanii hindhaban.Afoola Oromoo keessatti namoonni yeroo nama eebbisan 'coqrsa daarii ta'aa gannaafi bona lalisaa'jechuun eebbisu.

4.12.2. Hariiroo Saardoon Sirna Ayyaanaa Waliin Qabu

Hariioo saardoon sirna ayyaanaa waliin qabu kallattii garaa garaan argama.Saardoon yeroo margu lafarra yaa'ee jilbaan lafa qabatee marga Kunis kan inni argisiisu namoonnii yeroo ittiin irreeffatan lafa irra jiraannu kana irratti jabaatanii akka jireenya cimsatan akka jiraatan ayyaana kadhachuu argisiisa.Saardoon haguma lafarra yaa'u jilbasaa hundaan idda baafachaa deema. Namoonni bultee ayyaanaa ta'an saardoo kanaan jilbeenfatanii akka waan kadhatan sana yookiin galata galchan sana milkaa'uufiin wal qabsiisaniitu walfakkeessuun itti irreeffatu.

Gama biraatiin uummanni Oramoo yeroo hundaa jiidhaan irreeffata.Jiidhaan jiidha kadhata.Jiidha kana immoo biqiltuu yeroo hundaa jiidhee argamuun dhimma baha.Biqiltuu yeroo hundaa jiidhee argamu keessaa tokko saardoo kan ta'eefi ayyaana irreeffataniif sanaan walfakkeessuuf filatama.

(Maddi Obbo Addunyaa Cimdiifi Obbo Sadeessaa Dibaabaa gaafa 24/ 07/ 11

Boqonnaa Shan: Gudunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaan kun waliigala qorannoo kanaa jalqabaa hanga dhumaatti kan ilaallatuudha.As keessatti irra caalmaan gudunfaa,argannoofi yaboon ibsa isaanii waliin dhiyaataniiru.

5.1. Gudunfaa

Qorannoo kana keessatti waantonni gadi fageenyaan ibsaman jiru.Isaan kunis adeemsa qorannoo kanaa keessatti kan qorattuun mala garaagaraatti dhimma bahuun kan adeemsifameedha.qorannoon kun kan geggeeffame Godiina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinniirratti yoo ta'u matadureen qorannoo kanaas Harii Biqiloonni Sirna Ayyaantuu Waliin Qaban irratti kan xiyyeeffate edha.Qorannoon kun boqonnaalee shank an ofkeessatti hamate yoo ta'u,boqonnaa tokko keessatti: seenduubee,ka'umsa qorannichaa,kaayyoo qorannichaa, daangaa qorannichaa,ibsa naannoo qorannichaafi barbaachisummaa qorannichaa ofkeessatti kan hammatuudha.Boqonnaa lama keessatti immoo sakata'a barruu kan qorannoo kana deggeraniifi gabbisan,akkasumas qorannoolee matadurree kanaa walitti dhiyaatanfi yaaxxinaalee qorannootu keessatti argama.Boqonnaa sadii keessatti mala qorannoo,mala iddatteessuufi adeemsa xiinxala ragaaleekan ofkeessatti hammateedha. Boqonnaan afur xiixala ragaawwan afgaaffiin,marii gareefi daawwannaan argaman qaacceffamanii kan argaman ta'a.Boqonnqq shanaffaa keessatti ammo yaada gudunfaa, argannoofi yaada furmaataatu walduraa duubaan ka'amee jira.

5.2. Argannoo

Hariiroo biqiloonni siran ayyaantuu waliin qaban kan Godiina Shawwaa Lixaa Aanaa Dirree Incinnii irratti xiyyeeffachuun odeeffannoo yookiin ragaalee qorattuun kun odeefkennitoota ishii irraa walitti qabattee baqonnaa arfaffaa keessatti xiinxalamee hiikni itti edda itti kennameen boodaargannoowwan qorattuu kanaan bira ga'ame akka armaan gadiitti gaaffilee bu'uraan walqabsiisuun tarreeffamaniiru.

- **Gaaffii 1^{ffaa}** Biqiloonni Sirna Ayyaantuu keessatti tajaajila akkamii kennu? Isa jedhuuf deebiin argame hawaasa Aanaa Dirree Incinnii warren bultee ayyaanaa ta'an biratti yeroo sirna ayyaanaa geggeeffatan kan ittiin irreeffatan,kan jalatti irreeffatani,godoo/galma ayyaanaa kan ittin ijaaran,akka mallattootti mataatti marachuu,isaan kaan ammo korma

ayyaanaa yeroo qalan jalatti firfirsuu,buna ayyaanaa yeroo dhaaban jalatti firfirsuufi qorichummaaf illee kan tajaajilan jiraachuu qorannoo kanaan mirkanaa'eera.

- **Gaaffii 2^{ffaa}** Gosoonni biqiltuu sirna ayyaantuu keessatti tajaajilan isaan kam fa'i? isa jedhuuf::hindhee, birbirsa, anfaara, alaltuu, ejersa, abbayyii, kalaalaa, sariittii, baballiifi saardoo ta'uun qorannoo kanaan bira ga'ameera.
- **Gaaffii 3^{ffaa}** Biqiloonni kunniin sirna ayyaantuu waliin hariiroo akkamii qabu? Kan jedhuuf ammo biqiloonni sirnicha keessatti dhimma itti bahaman kunniin maaliif akka tajaajilaniifi hariiroo akkamii yookiin maalitti fakkeesanii itti tajaajilaman boqonnaa afur keessatti xiinxalamee bira ga'amuun mirkanaa'eera.
- **Gaaffii4^{ffaa}** Amalaafi uumamni biqiloota sirna ayyaantuu keessatti tajaajilanii maal fakkata? Kan jedhuuf tokkoo tokkoo biqiloota sirna ayyaantuu keessatti tajaajilanii amala akkamii akka qabuufi uumamni isaanii maal akka fakkaatu xiinxalamee ka'ameera.

5.3. Yaboo

Akkuma beekamu qorannoon tokko yeroo geggeeffamu yaada furmaataa kaa'uu,akkasumas kallattii gara fuula duraa kennuun barbaachisaadha.Yaaduma kanarratti hundaa'uun qorattuun kun qorannoo geggeesite irratti yaada furmaataa akkaataa armaan gadiin tarreesiteetti.

- ✓ Biqiloonni sirnoota garaagaraa keessatti dhimma itti bahaman namootaan akka hinmancaafamne karaa Waajjira Bosonaafi Eegumsa Biyyoo irraatti xiyyeeffachuun hawaasaaf hubannoo kennuun biqiloota akka kunuunsan gochuun barbaachisaadha.
- ✓ Bakki Galma Ayyaanaa Warra Gooftaa Waloo bakka hawwata tuurizimiif mijaawaa waan ta'eef Waajjirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Dirree Incinnii bakkicha irratti hojjechun bakka tuurizimii taasisuun barbaachisaadha.
- ✓ Ejersi Waloo Aanaa Dirree Incinnii Ganda Arfijoo Dagaa keessatti argamu sababii
- ✓ Biqituu hoodia ta'eef seenaa bal'aa waan qabuuf dhimma kanarratti qorannoon gadi
- ✓ fageenyyaan osoo irratti hojjetamee gaarii ta'a.

Wabiilee

Aadam Kadiir .2008. *Aadaa Handhuuraafi Sossobaa Daa'immanii*.Dirree Dawaa: Mana Maxxansaa Kaaleef.

Addunyaa Barkeessaa.2011.*Akkamtaa. YaadrimeeQorannoo Hujoo*: Finfinnee.

Alamaayyoo Haayilee.2007**.***Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa*.Finfinnee.

Alamaayyoo Haayilee, Boshii Gonfaa,Daani'eel Dheeressa,Sanbatoo Bushaa,Umar Nuuree 1998. *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16^{ffaa}***,**Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa: Berhan Selam Printing Enterpris.

Asefa Tolera .1983. Marriage Practice Among The Horo Guduru Oromo.BA thesis Addis Abeba University.

Asmarom Legesse.1973**.***Gada, Three Approaches to Study of African Society*. New York: Macmillan.

Bascom William.1995.*Four Function of Folklore, in Dandas, A (1965).The Study of Folklore* Burkeley: Printice-Hall,Inc

Berg. B.L. 2001. *Qualitatyive Research Methods for the Social Science (4thed) London:* A Pers-on Education Company.

Biraanuu Hirkoo. 2003**.** *Biiftuu Ganamaa.* Finfinnee: Sof-Printing Press.

Birhanu Mathewos.1999.*Fandamentals Of Literature*.Addis Ababa: Univaersity Press..

Daani'eel Ayyaanaa.1983. "The Concept Of Waqa And The Missionaries: Apreliminary Study In Grafting Of Christianity On Traditional Belief In Wollega."In The Annual Seminar Of The Department Of History Held At Debre-Zeyt

Darajjee Gammadaa.2012. "Qaaccessa Qabiyyee Qoricha Aadaa Aanaa Giddaa Ayyanaa" kan Hinmaxxanfamin.

Dastaa Dassaalan.2002**.***Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Boolee.

Dirribii Damisee .2009 .*Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee.

Dorson Richerd. 1972.*Folklore and Folklife:An Introduction*.Chicago:The University of Chicago.

Fedhasaa Taaddasaa.2013.*Subii: Bu'uraalee Og-barruu Oromoo*.Subi printing press.

Filee Jaallataa.2016.*Beekumtaa Oromoo I (Oromo Folklore*).Finfinnee.

Finnegn Ruth.1970**.***Oral Letrature in Africa Nairobi*:Oxford University press

_____ . 1976. *Oral Poetry: Composition Performance and Context*. Cambridge: Cambridge University Press.

Hayiluu Bantii . 1997.*Cora Aadaa***.**Bole Pirnting Press.

Hornyby,Gatebs and Wakefield.1975.*The Advanced Learner's Dictionary of Carrent English* (5th.Ed.).New York:Oxford University Press.

Katamaa Baatii.2014. "Xinxaala Biqiloota AadaafiAyyaneeffannaa Oromootiin walqabataan kan Godiina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa irratti kan xiyyeefate." Kan hin Maxxanfamne.

Leellisaa Aadaa. 6413 LW Kudhaama Seenaa ,Elleni.p.p:PLC.

Maatii Sabaa.2006**.***Daaniyaa*.Finfinnee.

Misgaanuu gulummaa.2010.*Dilbii:Bu'ura Afoolaa ,Ogafaanifi Afwalaloo Oromoo*.Finfinnee :Subi Pirinting Press.

_____.2011.*Naatoo:Duudhaa Gaa'ela Oromoo.*Finfinnee:Oromiya

MOE. 1999. *Teacher Hand Book Research*.Addis Ababa: Mega publishing.

Okpewho,Isidore.1986. *African Oral Literature: Back ground,Character and Continuity to and Indiana polis*:Indiana Univerisity press.

Toleeraa Tasammaafi Waaqwayyaa .1995. *Seenaa Saba Oromoofi Sirna Gadaa*. Fifinnee.

Warqinaa Abbaa Soorii.2008.*Sirna Gadaa Saba Oromoo*: Finfinnee.

V. Kahn and W. Best.2005**.** *Research In Education*.Prentce.Hall,Inc.

Dabalee A

Af Gaaffiifi Marii Gareef Maanguddota Namootaafi Akka Ayyaantuutti Gandoota Aanichaa Keeessatti Argamanii Akka Odeeffattootaatti Fudhatamaniif Dhiyaatu.

1. Yeroo sirna Ayyaantuu gaggeessitan biqiloonni isin hoodaaf itti fayyadamtan isaan kam fa'i?
2. Biqiloonni kanneen uumamaan amala akkami qabu?
3. Biqiloonni kun tajaajila maalii ykn akkamii kennu?
4. Biqiloonni kunii fi sirni gaggeeffamu hariiroo akkamii waliin qabu?
5. Hawaasni naannoo kanaa yoom irraa eegalee haala kanaan biqiloota kanatti fayyadamuu eegale?
6. Kabajni ykn safeeffannaan biqiloota kanneeniif qaban maal fakkaata?
7. Yeroo biqiloota kanneenitti fayyadamtan akkaataa itti gargaaramtan sana ykn adeemsa isaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti maal fakkaata?
8. Yeroo sirna ayyaantuu geggeeffamu biqilootatti yemmuu gargaaramtan waanti afaaniin ykn sagaleen jedhamu jiraa ? yoo jiraate natti himuu ykn na dhageessisuu dandeessuu?
9. Biqiloonni kun uuamamaan tajaajila kana malee kan biroof ni ooluu? Ni oolu yoo ta'e maal maaliif oolu?
10. Kunuunsi yeroo lafaa biqiloota kanaaf taasifamu jiraa ? yoo jira ta'e namoota biqiloota kana irratti badii ykn miidhaa geessisaan irratti tarkaanfiin fudhatamu jiraa? Tarkaanfii akkamii?

Dabalee B

Qabxii mirkanee (Chek List)Biqiloota Sirna Ayyaatuu Keessatti Dhimma Itti Bahaman

T/L	Gosa Biqilootaa	Faayidaa issanii	Amaloota Isaanii	Hariiroo isaan Sirna Ayyaantuu Waliin Qaban
1	Hindhee	Ittiin irreeffatama		
2	Birbirsa	Utubaa galma ayyaanaa ta'ee dhaabbata		
3	Anfaara	Ittiin irreeffatama		
4	Ejersa	Jalatti irreeffatama		
5	abbayyii	Qorichummaaf,korma ayyaanaaf qalan jala afama		
6	Alaltuu	Ittiin irreeffatama		
7	Sariitii	Ittiin irreeffatama		
8	Kalaalaa	Akka mallattootti ittiin adda baasuuf gargaara		
9	Baballii	Jabanaa ayyaanaaf dhaaban jala hafu;korma ayyaanaaf qalan jala hafama		
10	saardoo	Ittiin irreeffatama		

Dabalee C

Maqaa Namoota Odeeffannoon Irraa Funaaname

T/L	Maqaa Namootaa	Saala	Umrii	Ganda	Gahee isaan Hawaasa Keessatti Qaban
1	Dibaabaa Maammoo	Dhi	53	A/Dagaa	Abbaa Gadaa
2	Addunyaa Cimdii	Dhi	62	A/Dagaa	Abbaa Gadaa
3	Sadeessaa Dibaabaa	Dhi	71	A/Dagaa	Abbaa Gadaa
4	Tasfaayee Kabbadaa	Dhi	78	A/Dagaa	Jaarsa Biyyaa
5	Mirreessaa Yaadataa	Dhi	68	In 01	Guula
6	Galaanaa W/Samaayaat	Dhi	74	W/Hindhee	Jaarsa Biyyaa
7	Hiiksaa Olii	Dhi	65	Walo	Ayyaantuu
8	Diribsaa Akkumaa	Dhi	71	Waloo	Ayyaantuu
9	Xuurii Sobboqsaa	Dhi	69	In 01	Jaarsa Biyyaa
10	Tirfeessaa Lamii	Dhi	70	In 01	Abbaa Gadaa
11	Alamituu Dhaabasaa	Dha	67	W/Hindhee	Beera Cifiree

Dabalee D



Dabalee E



Dabalee F



Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uusaa ibsaa,hojiin kun kanaan dura Yuunveersiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uusaafi yaadawwan qrannoo kanaaf dubbise hunda wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____